

# AFAAN OROMOO

KITAABA BARATTOOTAA



KUTAA 8



## Kitaaba Kana Haala Gaariin Qabachuun itti Fayyadami !!



Kitaabni kun qabeenya keefi kan mana barnootaa keetii waan ta'eef, akka hinbanne yookiin hinciccinne haala gaariin qabadhu. Kana gochuuf immoo, qabxiilee armaan gadii hojiirra oolchi:

1. Kitaabicha wantoota akka laastikii, gaazexaafi waraqaalee adda addaan gama-li/haguugi.
2. Yeroo hundaa kitaabicha bakka qulqulluufi gogaa kaa'i.
3. Yeroo kitaaba qabattu harka jiidhaafi xuraawaan hintuqin.
4. Kitaabicha irratti hinbarreessin.
5. Kitaabicha keessa dabtara yookaan kitaaba biroo hinkaa'iin.
6. Fuula kitaabichaa kamiyyuu keessa kuttee hinbaasin.
7. Fuula cite yookaan tarsa'e kamiyyuu hapheessuun suphi.
8. Kitaabicha yeroo boorsaa (kaalixa) kee keessa kaawwattu of eeggannoon iddo qabsiisi.
9. Kitaabicha yeroo namatti laattus ta'u yeroo keessu hindarbatiin.
10. Yeroo fuula kitaabaa garagalchitu roga isaa qabachuun garagalchi. Kun immoo, kunuunsa qola kitaabichaaf fayyada.

# AFAAN OROMOO

**KITAABA BARATTOOTAA**

**KUTAA 8**

**Biirroo Barnootaa Oromiyaa 2014/2022**

# Afaan Oromoo

## Kitaaba Barattootaa Kutaa 8

### Barreessitoota

Mitikkuu Dibbeessaa

Mokonnon Dhaabaa

### Gulaaltota

Abdiisaa Ayyaanaa

Darajjee Raggaasaa

### Madaaltota

Abdiisaa Gannatii

Dastaa Taaddagaa

Waaqumaa Waamii

Yaneenash Saamu'eel

### Seecca'aa

Fiqiruu Kitilaa

### Giraafiksii

Taaddasaa Dinquu

### Fakkibsa

Buzaayyoo Girmaa



© Biirroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biirroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejji Barnoota Barsiisotaa Jimmaatiin bara 2014/2022 qophaa'e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Eeyyama Biirroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gartokkeen maxxansuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

## Baafata

### Qabiyee

### Fuula

<b>BOQONNAA TOKKO: NAAMUSA HOJII .....</b>	1
<b>QajeeltoowwanNaamusaHojii.....</b>	1
<b>Hojjatanii Duroomuu.....</b>	9
<b>BOQONNAA LAMA: HAMBAALEE.....</b>	13
<b>Hambaalee Oromiyaa .....</b>	13
<b>Masaraa Kumsaa Morodaa .....</b>	16
<b>BOQONNAA SADII: WOYYOOMA NAMAA .....</b>	27
<b>Mirga Namoomaafi Mirga Dimookiraasii .....</b>	27
<b>Woyyooma Namaa .....</b>	35
<b>BOQONNAA AFUR: SEENESSOO GABAABAA .....</b>	38
<b>SeeraMootiiAmooraabii.....</b>	38
<b>Fardi Keenyas Halkan Kunis Rimeessa .....</b>	41
<b>BOQONNAA SHAN: BAAY'INA UMMATAA .....</b>	47
<b>Baay'ina Ummata Itoophiyaa .....</b>	47
<b>Baay'ina Ummataafi Dhiibbaa Isaa .....</b>	50
<b>BOQONNAAJAHA: GAMMOOJJUMMAA.....</b>	56
<b>Faayidaa Bosonaa .....</b>	56
<b>Manca'iinsa Bosonaa .....</b>	59
<b>BOQONNAA TORBA: DAA'IMMAN HOJII HUMNAA OLII HOJJACHIISUU .....</b>	65
<b>Daa'imman Hojii Humnaa Olii Hojjachiisuu .....</b>	68
<b>BOQONNAA SADDEET: GADAIFI NAGEENYA .....</b>	75
<b>Sadarkaalee Umrii Sirna Gadaa Keessatti .....</b>	75
<b>Sirna Gadaafi Nageenya .....</b>	81
<b>BOQONNAA SAGAL: JIJIIRAMA QILLENSAA .....</b>	84
<b>Guddina Dinagdeefi Jijiirama Qilleensaa .....</b>	84
<b>Jijiirama Qilleensaa .....</b>	86
<b>BOQONNAA KUDHAN: DIRAAMAA .....</b>	91
<b>Odaa Bultum .....</b>	91
<b>Maalummaa Diraamaa .....</b>	96
<b>Jechibsoo.....</b>	103

## BOQONNAA TOKKO: NAAMUSA HOJII

### Bu'aalee Barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- barruu siif dubbifamu dhaggeeffachaa jecha/gaalee hafe niguutta;
- barruu dhiyaate xiyye effannoon dhaggeeffachuun yaada isaa nihimta;
- dhimma tokkorratti gahee nitaphatta;
- geerarsa hojii nigeerarta;
- barruu dhiyaate dubbisuun yaada ijoofi callaa addaan baasta;
- yaada haaraa maddisiisuun barreeffama dheeraa nibarreessita;
- hiika jechootaa haala galumsa isaaniin nikennita;
- akaakuu gaalee Afaan Oromoo adda baasta.

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu Qajeeltoowwan Naamusa Hojii



**Gilgaala 1** **Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadii irratti cimdiin mari'achuun dareef dhiyeessaa.**

1. Fakkii asii oliirraa maal hubattan?
2. Naamusa hojii jechuun maal jechuudha?
3. Naannoo keessanitti namoonni dureeyyi jedhaman namoota akkamitti? Akkamitti hojjatanii durooman jettanii yaaddu?

4. Mammaaksi Oromoo, “Ol kaa’an, malee ol ka’anii hinfuudhan.” jedhu ergaa maalii dabarsa?

**Gilgaala 2 Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaffilee asii gadii haala gaafatamteen deebisi.**

1. “Harki hinhojanne, \_\_\_\_\_ farrisa.” jedhee mammaaka Oromoorn.
2. Ciminaan hojjachuun \_\_\_\_\_ eeguufi kabajuun dhufa.
3. Naamusni hojii \_\_\_\_\_ hojii dalaguuf hojjattoonni fayyadamanifi ittiin bulaniidha.
4. Qajeeltoowwan hojii barbaachisoo ta’an maal fa’i?

**Gilgaala 3 Dubbisa dhaggeeffatterratti hundaa’uun gaaffilee asii gadii yaada sirrii ta’e *Dhugaa*, yaada dogoggora ta’e immoo *Soba* jedhi deebisi. Yoo ‘soba’ jette, sababa jetteef ibsi.**

1. Naamusni hojii hundi qajeeltowwan walfakkaataa ta’an qabu.
2. Naamusni hojii amala, iddoofi ogummaa hojii irratti hundaa’a.
3. Qajeeltoon hojii jaarmiyaaf malee nama dhuunfaaf hinbarbaachisu.
4. Milkaa’ina hojii keessatti naamusa hojii eeguufi kabajuun murteessaadha.

**Barannoo 2: Dubbachuu**

**Gahee Taphachuu**

**Gilgaala 4**

**A. Taateewan armaan gaditti dhihaatan keessaa tokko filachuun yaada keessan duraa duubaan qindeessuun daree keessatti gareen gahee taphadhaa.**

1. Shananii dhaquun deessuu eebbisuu;
2. Akka abbaa seeraatti nama yakka hojjate irratti murtii dabarsuu;

3. Akka ogeessa fayyaatti dhukkubsattoota yaaluu;
4. Akka ogeessa fayyaatti dhibee Koovid-19 irratti barattootaaf dareetti hubannoo kennuu;
5. Akka poolisiitti yakka ittisurratti hawaasa ganda tokkoof hubannoo kennuu.

**B. Geerarsa armaan gadii irratti qophaa'uun dareetti geeraruun agarsiisi.  
Sanaan booda, dhaamsa geerarsichi dabarsu dareef ibsi.**

**Geerarsa**

Bishaan hamaan Gudari

Kan gabaabaan hinceene

Kan dheeraan durgummatu

Dhukkubni hamaan deegadha

Kan namni namaa hinbeekne

Kan abbaan dhukkubsatu.

Deegakoo yaa farrisaa

Kan kee maalan callisaa

Tur amman sifannisaa

Muka arbaa daraaretti

Dhala abbaan abaaretti

Muka damee hinqabnetti

Akka baddee hingalletti.

Deegni nama salphisaa

Isa guddaa xiqqeessa

Kan kee maalan callisaa

Dhaqeen lafatti odeessaa

Qotiyoo cimdii godheen

Deega ofirraa balleessa.

### Barannoo 3: Dubbisuu

#### Gilgaala 5

**Dubbisa dhiyaate dubbisuun dura gaaffilee asiin gadii afaaniin deebisi.**

1. Namni akkamitti duroomuu danda'a sitti fakkaata?
2. Namoonni tokko tokko hojjachuu dhiisanii nama duroome hawwu. Kun sirrii moo sirrii miti jettee yaadda? Maaliif?
3. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.
  - a. duroomuu
  - b. naamusa
  - c. dandamachuu
  - d. milkaa'u

#### Gilgaala 6 **Dubbisa dhiyaate dubbisaa gaaffilee armaan gadii deebisi.**

1. Dhalli namaa nyaatee buluufis ta'ee fedhii biroo guuttachuuf maal gochuutu irraa eegama?
2. Adeemsa hojjatanii duroomuu keessatti naamusa barbaachisu kabajuun dirqama miti. A. dhugaa B. soba
3. Namoonni hojjatanii duroomuuf bu'aa bahii akkamii keessa darbu?
4. Seenaa namoota addunyaa kanarratti duroomuun beekaman yoo ilaalle, hedduun isaanii hojii xixiqqa tuffachuun hojii ciccimaa hojjachuu isaanii agarra. (dhugaa/soba)

## Hojjatanii Duroomuu

Hojiin jiruufi jirenya dhala namaa keessatti murteessaadha. Dhalli namaa nyaatee buluufis ta'e fedhiisaa kan biroo guuttachuuf hojjachuu qaba. Hunda caalaa immoo, jiraachuuf qofa osoo hinta'in, duroomuuf hojiin cimanii argamuun dirqama. Duroomuun immoo, jirenya guutuu ta'e nama jiraachisa. Adeemsa hojjatanii duroomuu keessattis, naamusa barbaachisu kabajuun murteessaadha. Karaan gara duroomuutti nama geessu garuu, yeroo hunda mijataa ta'uu dhiisuu danda'a.

Namni kamuu duroomuu kan fedhu ta'us, fedhiin yookiin ilaalchi hojii irratti qabu garuu nama irraa namatti garaagarummaa qabaachuu mala. Fakkeenyaaaf, namni nyaataafi dhugaatii gaarii, mana gaarii, usfata qulqullina qabuufi kkf argachuu nibarbaada. Garuu, kanneen hunda guuttachuu kan danda'an namoota baay'ee muraasa ta'an qofaadha. Isaanis, kanneen hawwiifi fedhii isaanii gara hojiitti jijiiruun cimanii hojjataniidha. Kun kan agarsiisu, duroomuudhaaf fedhii walfakkaatu, hojjachuu irratti immoo, fedhii garagaraatu jira jechuudha.

Hojjatanii duroomuuf hojii tuffachuun barbaachisaa miti. "Hojii kanarra sana wayya" jechaa hojiin nuti **feenu** hanga argamutti kan eegnu yoo ta'e, bara itti hojjannee duroomuu dandenyu dabarsuu ta'a. Seenaanamoota addunyaa kana irratti duroomanii beekamanis yoo ilaalle, hedduun isaanii wantootuma xixiqqoo irraa ka'anii duroomuu isaanii agarra. Kanaafuu, duroomuuf kan barbaachisu osoo hojii hintuffatin, waan argame kutannoon hojjachuudha.

Hojjatanii duroomuun milkaa'ina salphaatti argamu miti. **Bu'aa bahii** hedduu takka kufuu, takka ka'uu, takka fuulduratti deemuu, takka immoo duubatti deebi'uun gaafata. **Gufuuwwan** xixiqqaa irraa **kaasee** hanga gurguddaatti nama mudachuu danda'u; wantoonni abdii nama kutachiisianniif nuffisiisan nama qunnamuu malu. Waan kana ta'eef, hojjatanii duroomuun rakkooowwan nama mudatan **mara** dandamatani, osoo abdii hinkutiin, kaayyoo ofiif hojjachuu gaafata.

Duroomuun callisanii karaa argame mara maallaqa yookiin qabeenya walitti qabachuu osoo hintaane, naamusa hojii eeguu gaafata. Hojiin hojjatamu sun nama yookiin qaama biroo irratti miidhaa akka hingeessisne of eeggannoo gochuun

barbaachisaadha. Fakkeenyaaaf, hojii daldala nyaataafi dhugaatii irratti bobba'anii kanneen jiran, waan isaan dhiyeessan fayyaa maamiltoota isaanii irratti balaa kan hinqaqqabsiifne ta'uu qaba. Tajaajilli isaan kennaniifi maallaqni isaan fudhatan walmadaaluu qaba. Ogeessonni hojiiwan biroo irratti hirmaatanis akkasuma naamusa hojii barbaachisu kabajuu qabu. Hundumaa caalaa, gochawwan karaa qaxxaamuraa duroomuu, kanneen akka malaanmaltummaa, hanna, matta'aa, saamichaafi kkf irraa fagaachuun barbaachisaadha. Gochaawan akkasii irratti hirmaachuun yeroof fakkaata malee, hiyyummaatti nama deebisuun isaanii waan hinoolle.

Walumaagalatti, fedhii, kutannoofi kaayyoo qabatan milkeessuuf yoo hojjatan duroomuu nidanda'ama. Adeemsa hojii keessattis gufuwwan jiran hunda obsanii bira darbuun, naamusa hojii kabajaa, yeroo ofiitti fayyadamaa duroomuuf kan hojjannu yoo ta'e, milkaa'uun nidanda'ama. Duroomni sirriinis bu'aa hojiitiin qofaan kan argamudha.

## Gilgaala 7

### A. Gaaffilee armaan gadii yaada dubbisa asii oliirratti hundaa'uun qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi.

1. Namni kamuu fedhii ofii guuttachuuf kan irraa **hineegamne** kami?
  - A. hojii xixiqqoo hojjachuu dhiisuu
  - B. nuffii malee jabaatee kutannoon hojjachuu
  - C. hojii akaakuu kamiifuu kabaja qabaachuu
  - D. hunduu deebii nita'u
2. Kanneen armaan gadii keessaa tokko amala naamusa hojii gaariiti.
  - A. hojii hojjechuu jibbuu
  - B. malaanmaltummaa fudhachuu
  - C. nuffiifi abdii kutanna tokko malee jabaatanii hojjachuu
  - D. deebiin hinkennamne

3. Hojjatanii duroomuuf hojii filatanii hojjachuun yeroo gabaabaa keessatti akka durooman nama taasisa. A. dhugaa B. soba
  4. Akka dubbisichaatti kan sirrii ta'e kami?
    - A. Hojjatanii duroomuun milkaa'ina salphaatti argamuudha.
    - B. Hojiawan gufuun itti baay'atu hojjachurra kanneen gufuu hinqabne hojjachuun dirqama.
    - C. Hojjatanii duroomuu jechuun callisanii maallaqaafi qabeenya walitti qabachuudha.
    - D. Hojjatanii duroomuun rakkowwan mara dandamatani kaayyoo qabataniif kutannoon hojjachuu gaafata.
  5. Keeyata **5ffaa** sarara dhumaarratti gaaleen “...**gochaawwan akkasii...**” jedhu maal agarsiisa?
    - A. malaanmaltummaa B. hanna C. matta'a D. hunduu deebiidha.
  6. Ergaa ijoon dubbisichi dabarsu isa kami?
    - A. Barbaachisummaa hojjatanii duroomuun qabu
    - B. Hojii hojjatanii galma barbaadame ga'uuf naamusa hojii eeguufi kabajuun barbaachisaa ta'uu
    - C. Bu'aa bahii hojii keessatti nama mudachuu malu
    - D. Hunduu deebiidha.
- B. Gaaffilee asii gaditti dhiyaatan gareen irratti mariyachuun afaaniin deebisi.**
1. Naamusa hojii eeguun maaliif barbaachise?
  2. Hojii ofii feenu hanga argannutti teenyee eeguun dhiibbaa maalii qaba?
  3. Naamusa hojii kabajuu dhabuun miidhaa maalii fida?

4. Naamusni hojii mana barnootaa keessan keessatti barattooniifi hawaasni mana barumsaa kabajuu qaban maal fa'i?

## Barannoo 4: Barreessuu

### Gilgaala 8

Dubbisa gadii matadureen isaa “Amanamummaa” jedhu akka fakkeenyatti dhiyaate ka’umsa godhachuun matadureewwan gaditti kennaman keessaa tokko filachuudhaan barreeffama keeyyata 3-4 qabu barreessi.

- a. Faayidaa Qusanna
- b. Hojii Jaallachuu
- c. Yerootti Fayyadamuu

### Yaadannoo

Barreeffama kee yeroo barreessitu qajeelfamoota armaan gadii hubadhu:

- Jalqaba mata duree filadhu.
- Mataduree filatte irratti gumee qopheeffadhu.
- Yaadota maddisiiste tartibessuun gurmeeffadhu.
- Wixinee qopheessuun barruu jalqabaa barreessi.
- Barreeffama kee irra deebiin dubbisii gulaali.
- Barreeffama xumuraa barreessuun dhiheessi.

## Amanamummaa

Amanamummaan amaloota barattootaaf kabajaafi fudhatamummaa kennisiisan keessaa isa tokkoodha. Kunis, jaalala, kabajaafi haqa barattoonni hiriya, maatii, hawaasaafi biyya isaaniif qabaniirraa madda. Amanamummaan isaanii kunis, mooraa mana barumsaa keessaafi alatti kanneen calaqqisan ta'uu danda'a.

Amanamummaan barattoonni mooraa mana barumsaa keessaafi alatti calaqqisiisan hedduudha. Fakkeenyaf, mooraa mana barumsaa keessatti hojii dareefi hojmanee hojjechuun, qorumsa walirraa garagalchuu dhiisuun, seera mana barumsaa kabajuun, qabeenya mana barumsaa kunuunsuufi sirnaan itti fayyadamuudhaan ifuu danda'a. Mooraa mana barumsaan alatti immoo, hiriya, maatii, hawaasaafi biyya keessa jiraataniif amanamummaa qabaachuudha. Amanamummaan waan hawaasa tokko biratti fudhatama hinqabne raawwachuu dhiisuufi safuu hawaasaa eeguudha.

Walumaagalatti, barattoonni mooraa mana barumsaa keessattis ta'ee alatti, amanamummaa qabaachuu qabu. Kun immoo, kabajaafi jaalala iddo hundatti akka horatan isaan taasisa. Kanaafuu, barattoonni gorsa maatiin, barsiisonniifi hawaasni isaaniif kennan fudhachuufi hojirra oolchuun amanamummaa isaanii daran dagaagfachuu qabu.

### Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

#### Gilgaala 9

##### A. Jechoota gaditti dhiyaataniif hiika isaan dubbisa “Hojjetanii Duroomuu” jedhu keessatti qaban barreessi.

1. bu'aa bayii \_\_\_\_\_
2. feenu \_\_\_\_\_
3. mara \_\_\_\_\_
4. kaasee \_\_\_\_\_
5. gufuwwan \_\_\_\_\_

## B. Jechoota olitti ‘A’ jalatti dhiyaataniin hima ittiin ijaari.

**Fakkeenya;** bu’aa bayii

- Adeemsa hojjetanii duroomuu keessatti **bu’aa bayii** hedduutu jira.
- Abdataan **bu’aa bayii** hedduu booda duroome.
- Bu’aa bayii** akkam keessa darbitee as geesse?

## Barannoo 6: Caasluga

### Akaakuu Gaalee

Kutaa 7<sup>ffaa</sup> keessatti, waa’ee gaaleefi akaakuu gaalee barattee jirta. Mee waa’ee gaalee ilaalchisee waan beektan walitti himaa.

### Yaadannoo

Galeen jechoota walitti qindaa’uun hiika yaadrimee tokko kennaniidha.

**Fakkeenya,**

- mana citaa
- qal’oo magaala
- mana jala
- Kitaaba bitatte.

Jechoonni armaan olii walitti qindaa’uun hiika yaadrimee tokko kennan kunniin hundi gaalee jedhamu.

Gaaleen jechoota qaama gaalee ta’an mataafi miiltoo irraa ijaarama. Mataan gaalee yeroo hunda hafuu kan hindandeenyefi akaakuu gaalee kan murteessuudha. Kanarraa ka’uun, gaalee maqaa, gaalee maqibsaa, gaalee durduubee, gaalee gochimaafi kkf jedhamuun qoodamu.

Walumaagalatti, gaaleen tokko mataa gaaleen waamama. Mataa gaalee jechuun, jechoota gaalee sana ijaaran keessaa kan hafuu hindandeenyefi yoo hafe gaalichi hiika dhabeessa kan tahuudha.

### Fakkeenyaaaf,

- a. Badhaasaan mana citaa ijaare. - gaalee maqaa
- b. Toltuun qal'oo magaala.- gaalee maqibsaa
- c. Biiftuun gara Adaamaa deemte.- gaalee durduubee
- d. Magartuun huccuu miiccite.- gaalee gochimaa

Fakkeenyaa armaan olii keessatti gaalee mana citaa jedhu keessatti mataan gaalee jala sararamee ‘**mana**’ kan jedhuudha. Sababni isaa, yoo jechi ‘man’ jedhu keessa hafe gaaleen kun hiika dhaba. Miiltoon isaa immoo, ‘citaa’ kan jedhu ta’ a. Miiltoon citaaa jedhu immoo, manni sun maal irraa akka ijaarame agarsiisa.

### Gilgaala 10

- A. Gaalee himoota roga A jalatti jala sararaman akaakuu gaalee B jalatti tarreeffamaniin walitti firoomsi. Akaakuun gaalee tokko bakka lamatti firoomuu danda’ a.**

**A**

- 1. Konkolaataan inni guddaan sun **baay’ee figa**.
- 2. Siddiseen **mana guddaa** ijaarte.
- 3. Caalaan kopheesaa **siree jala** dhokse.
- 4. Intalli **diimtuu gabaabduun** sun obboleettii isaati.
- 5. Marartuun rifeensa **luuccaa dheeraa** qabdi.
- 6. **Baroota Afaan Oromoo** barachuun nutti tola.

**B**

- A. Gaalee maqaa
- B. Gaalee gochimaa
- C. Gaalee maqibsaa
- D. Gaalee durduubee

**B. Ibsaafi fakkeenya armaan olitti kenname irratti hundaa'uun akaakuu gaalee gaditti kennaman adda baasii barreessi.**

1. intala magaala tokko
2. muka jala
3. foon sangaa gurraachaa
4. diimaa qal'aa
5. Bulleessitee daakti.

# BOQONNAA LAMA: HAMBAALEE

## Bu'aalee Barachuu

### Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- barruu siif dubbifamu dhaggeeffachaa hima jecha/gaalee sirrii ta'een niguutta;
- yaada ijoofi callaa barruu dhaggeeffattee nihimta;
- fakkii ilaaluun waan hubatte nihimta;
- barruu dubbisuun yaada ijoofi callaa isaa addaan nibaasta;
- hambaalee Oromiyaa nidinqisiifatta;
- jechoota sagalee dheeraa, gabaabaa, jabaa, laafaa, irra butaafi hudhaa qaban nifayyadamta;
- barreeffama dheeraa nibarreessita;
- jechoota adda addaa haala galumsa isaaniin nifayyadamta;
- akaakuu ciroo hima keeessaa nibaasta;
- hibboo naannoo keetti argamu daree keessatti nitaphatta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

Hambaalee Oromiyaa



**Gilgaala 1**

**Dubbisa mataduree “Hambaalee Oromiyaa” jedhu  
dhaggeeffachuun dura gaaffilee gadii irratti gareen mariyadhaa.**

1. Fakkiilee armaan olii irraa maal hubatta? Eessatti akka argaman walitti himaa.
2. Hambaalee Oromiyaa keessaa kamfaa beektu? Eessatti argamu?

**Gilgaala 2**

**Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa  
armaan gadii guuti.**

1. Oromiyaan kuusaa hambaalee uumamaafi \_\_\_\_\_ ti.
2. \_\_\_\_\_ sadarkaa biyoyolessaatti qofa osoo hintaane, sadarkaa idil-addunyaatti UNESCO irratti galmaa'uun beekamee jira.
3. Bineensota bosona Baalee keessatti argaman keessaa \_\_\_\_\_ Itoophiyaa qofa keessatti argamti.
4. Masaraan Abbaa Jifaar kan daawwannaaf oolaa jiru magaalaa Jimmaa bakka addaa \_\_\_\_\_ jedhamutti argama.
5. \_\_\_\_\_ ambaa aadaa killayya UNESCON galmaa'ee idil-addunyaatti beekameedha.

**Gilgaala 3**

**Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun gaaffilee  
armaan gadii deebisi.**

1. Badhaasa uumaan Oromiyaaf kenne keessaa kan Godina Baaleetti argaman isaan kami?
2. Tulluuwan madda bashannanaa uumaan Oromoo badhaase kanneen ta'an tarreessi.
3. Oromiyaa keessatti laggeen madda aannisaafi hawwata tuuristootaa ta'anii jiran isaan kami?
4. Hambaalee aadaafi umamaa naannoo keetti argaman kunuunsuudhaan dhalootaaf dabarsuuf maaltu hojjatamuu qaba?

5. Hambaalee Oromiyaa keessatti argaman keessaa kanneen UNESCOtti hingalmoofne galmeessisuuf ummata Oromoorraa maaltu eegama?

## Barannoo 2: Dubbachuu

**Gilgaala 4. Gaaffilee armaan gadii dubbisa asii dura dhaggeeffattee irratti hundaa'uun hiriyaan kee waliin mariyadhu.**

1. Hambaaleen uumamaafi aadaa naannoo keetti argaman maal fa'i?
2. Dubbisaa "Hambaalee Aadaa" jedhu dhaggeeffatte irra deebiin ergaa yaada dubbisa dhggaaffaathee duraa duubaan dareef himi.

## Barannoo 3: Dubbisuu

**Gilgaala 5 Dubbisaa gadii dubbisuun dura hambaaleen Oromiyaa gadiitti tarreeffaman eessatti akka argaman kan beektan walitti himaa.**

1. Bosona uumamaa Yaayyoo
2. Masaraa Abbaa Jifaar
3. Masaraa Kumsaa Morodaa
4. Holqa Soof Umar
5. Me'ee Bokkoo
6. Gumii Gaayoo

**Gilgaala 6 Dubbisaa mata-dureen isaa "Masaraa Kumsaa Morodaa" jedhu dubbisaa gaaffilee gaditti dhiyaatan deebisi.**

1. Masaraan Kumsaa Morodaa eessatti argama?
2. Masaraan Kumsaa Morodaa bara kam ijaarame?
3. Masaraan Kumsaa Morodaa gamoowwan meeqa of keessaa qaba?
4. Walakkeessa masaraa kanaatti maaltu argama?

## Masaraa Kumsaa Morodaa



Masaraan Kumsaa Morodaa Godina Wallagga Bahaa, Magaalaa Naqamtee keessatti Golhambaa Wallaggaarraa kallattii Kaabaan kiloomeetira tokko fagaatee argama. Masaraan kun bara 1881 A.L.I.tti Mooticha Kumsaa Morodaatiin ijaarame. Masarichi giddu-gala teessoo mootummaa Kumsaa Morodaa ta'ee tajaajila ture. Yeroo ammaa kana immoo, akka hambaa seenaatti tajaajila kennaa jira. Masaraa kana keesssa hambaawwan seenaa biroo hedduutu keessatti argama.

Masaraan Kumsaa Morodaa kutaalee tajaajila garagaraaf oolan kan qabu ta'ee haalli ijaarsa isaa baay'ee kan nama ajaayibudha. Masaarichi dallaa karra shan qabu kan dhagaan ijaarameen marfamee jira. Bu'urri isaa utubaa ciccimaa saddeet, akka Sirna Gadaa Oromoo calaqqisiisutti miidhagina addaatiin kan ijaarameedha. Tokkoon tokkoon utubichaas roga saddeet qaba. Balbala guddaan yeroo olseenamu kutaan karaa harka bitaatti argamu tajaajila mana murtii kennaa kan tureedha. Kutaa kana keessatti mootichaafi abbootiin murtii torban keessatti guyyaa lama, Roobiifi Jimaata, himata jiru dhaggeeffatanii murtii kennu. Kutaa tajaajila mana murtiif oolutti aanee kan jiru galma afeerraati. Kutaa kana keessatti namoota bebbeekamoo, qondaaltotaafi gaggeessitoota sadarkaa sadarkaan jiraniif afeerraan nyaataafi

dhugaatii niraawwatama. Kutaan biroon immoo, mana meeshaalee kabajaafi badhaasni mootichaaf kennaman keessa kaa' amaniidha.

Walakkeessa masaraa kanaatti iddooyaa jireenyaa mootichaatu argama. Kutaan kun miidhagina addaa kan qabu ta'ee, tajaajila adda addaa kanneen akka mana ciisichaa, mana nyaataafi gorduuba qaba. Kutaan gubbaa darbii tokkotu jira. Darbii kanrra taa'amee nageenyi naannoo eegamuufi iddooyaa mootichi taa'anii bashannananiidha. Darbii kana irraa akka gadi bu'ameen gara harka mirgaati kutaalee jiran keesaa, inni tokko keessummoota dhiiraa keessatti simachuufi keessummeessuuf oola. Inni biroon immoo, mana dubartoonni keessatti keessummeeffamaniifi mana jirenyaa haadha warraa mootichaati. Akkasumas, kutaan lama kanneen nyaanni keessatti qophaa'u nijiru. Isa tokko keessatti nyaataafi dhugaatii aadaa Oromootu ogeessota ga'umsa qabaniin qophaa'a. Isa lammaffaa keessatti ammoo, nyaata aadaa warra biyya alaatu qophaa'a.

Masaraan kun yeroo ammaa hambaa seenaa ta'ee tajaajilaa jira. Hambaawan qabatamoo hedduunis keessa jiru. Galmeewan bara durii mootichi Kumsaa Morodaa, mootota biroo waliin waljijiiraa turan keessatti argamu. Akkasumas, meeshaaleen aadaa nyaataafi dhugaatii waliin walqabatanis jiru. Meeshaaleen waraanaa eeboofi gaachana irraa eegalee hanga qawweefi rasaasa akaakuu garagaraatti masaraa kana keessa jiru. Kana malees, uffanni moototaafi suuronni isaanii keessatti argamu. Hambaaleen masaraa kana keessatti argaman daawwattoota biyya keessaafi alaatiin daawwatamuudhaan galii maddisiisuun cinatti walitti dhufeinya biyyoota gidduu jirus nicimsu. Hambaawan seenaa kun, qorannoo adda addaatiif ooluudhaan seenaa, aadaa, gootummaa jirenya uummata Oromoo calaqqisiisuu danda'u.

Walumagalatti, yeroo ammaa, masaraan kun akkuma hambaawan seenaa biroo, tajaajiloota hedduu kennaa jira. Tuuristoota biyya alaafi keessaan waan daawwatamuuf galiin irraa ni argama. Daawwanna kana keessas, walitti

dhufeyni namootaafi biyyaa waan cimuuf, daawwattootaaf haala mijataa uumuudhaan akka daawwataniii irraa barataniifi itti bashannanan gochuun barbaachisaadha. Hambaawan seenaa masaraa kana keessa jiran, seenaa, afoola, aadaa, gootummaafi jirenya hawaasa naannawaa kanaa irratti qorannoodhaaf madda ragaata' ee tajaajila kennaajira. Masaraankun miidhagina ogummaa ijaarsa isaa irratti calaqqiseefi tajaajila inni kennaa ture agarsiistuu seenaafi aadaa uummata Oromooti. Kanaafuu masaraan kun kunuunfamuufi eegamuu waan qabuuf hawaasni marti kunuunsuufi eeguun barbaachisa ta'a.

## Gilgaala 7

**A. Dubbisa asii olii irratti hundaa'uun yaada sirrii ta'e Dhugaa kan dogoggora ta'e immoo Soba jedhii deebisi.**

1. Masaraan Kumsa Morodaa bara 1981 A.L.I hundeffame.
2. Masaraan Kumsaa Morodaa hambaa seenaa qofa ta'ee tajaajila.
3. Hambaaleen aadaa madda galii ta'uu nidanda'u.
4. Masaraan Kumsaa Morodaa namoota biyya alaa qofaan daawwatama.

**B. Dubbisa olii bu'uureffachuun gaaffilee armaan gaditti dhiyaatan gareen erga irratti mar'attanii booda dareef gabaasaa.**

1. Utubaan saddeettan Masaraa Kumsaa Morodaa keessatti argaman maal calaqqisiisu?
2. Hambaaleen seenaa qabatamoo Masaricha keessa jiran maal fa'i?
3. Tajaajila kutaaleen adda addaa masaricha keessatti argaman qaban tarreessi.
4. Daawwannaan Masaraa Kumsaa Morodaa walitti dhufeyni namootaafi biyyaa cimsa yoo jedhu maal jechuudha?
5. Hambaa Masaraa Kumsaa Morodaa kunuunsuun gahee eenyuutti?

## Barannoo 4: Barreessuu

### Gilgaala 8

A. Jecha qabee sirriin barreeffame filachuun himoota armaan gadii guutuu taasisi.

1. Gammachuun \_\_\_\_\_ gamaa loon tiksa.  
a) laagaa    b) laga    c) lagaa    d) laaga
2. Caaltuun \_\_\_\_\_ garbuu irraa marqaa nuuf marqite.  
a) dakkuu    b) dakuu    c) daakuu    d) daakkuu
3. "Ilmoon ofii \_\_\_\_\_ nyaattee rafuuf kaatti; ilmoon ormaa \_\_\_\_\_ nyaattee baduuf kaatti," jedha Oromoont.  
a) rafuu/badduu    b) raafuu/baaduu    c) rafu/badu    d) rafuu/badduu
4. Namoonni hedduun foon hoolaa caalaa foon \_\_\_\_\_ nyaachuu filatu.  
a) re'ee    b) r'ee    c) ree'e    d) ree'ee
5. Maanguddoон Oromoo \_\_\_\_\_ beekumsaati.  
a) madaa    b) madda    c) maddaa    d) maddaa
6. Guutamaan hoolaa kuffisee \_\_\_\_\_ mure.  
a) morma    b) morima    c) morama    d) morimaa
7. Hawaasa Oromoo biratti \_\_\_\_\_ kabaja guddaa qaba.  
a) fariddi    b) faridi    c) fardi    d) fardii
8. Gamteessaan boqqolloo harreetti \_\_\_\_\_ magaalaa deeme.  
a) fee'ee    b) fe'ee    c) fee'e    d) f 'ee
9. Sirni \_\_\_\_\_ galmee UNESCO irratti galmaa'ee jira.  
a) Gaddaa    b) Gadaa    c) Gaadaa    d) Gaada
  
10. Barataan sagalee Afaan Oromoo jabaafi \_\_\_\_\_ adda baasee beekuu qaba.  
a) lafaa    b) lafa    c) laafaa    d) laafa

11. Harmeen keenya \_\_\_\_\_ irratti nu baattee nu guddiste.

- a) dugidda    b) dugda    c) dugida    d) dugidaa

12. Jaarsoliin “Baga guyyaa \_\_\_\_\_ keessan geessan!” jedhanii eebbisan.

- a) ga’ela    b) gaa’eella    c) gaa’elaa    d) gaa’ela

**B. Gumee armaan gaditti kennaman ka’umsa godhachuun mata duree “Holqa Soof Umar” jedhurratti barreffama keeyyata sadii qabu barreessi.**

### **Mata duree: Holqa Soof Umar**

#### **Keeyyata seensaa**

- Bakka argamaa
  - Godina Baalee Bahaa, aanaa Daawwee Qaaccan
- Haala moggaasa maqaa isaa
  - Nama Sheek Soof Umar Ahimad jedhamu naannoo jaarraa 11ffaa bakka sana jiraachaa turuu isaafi kkf.

#### **Keeyyata qaamaa**

- Wantoota holqicha dinqisiisaa taasisan
  - Dheerina seensaa hanga bahinsaatti jiru (16.5km). Kunis, Afrirkaarratti sadarkaa tokkoffaarratti akka argamu taasisuu,
  - Holqa qilee lafa jalaa dheeraa ta’e qabaachuu isaa
  - Lagni Weyib yeroo torba holqicha qaxxaamuruu isaa

#### **Keeyyata goolabaa**

Yaadota keeyyata seensaafi qaamaa keessatti ka’an cuunfuun dhiyeessuu

## Barannoo 5. Fayyadama Jechootaa

### Gilgaala 9

**A. Hiika jechoota himoota armaan gadii keessatti gurraacheffamanii haala galumsa isaaniitiin filadhuu deebisi.**

1. Masaraan Kumsaa Morodaa kunuunsuuf hunduu **shoora** isarraa eegamu bahuu qaba.

- A. mirga      B. gahee      C. dirqama      D. Bfi C

2. Masaraan Kumsaa Morodaa **giddugala** teessoo mootummaa ta'ee tajaajilaa ture.

- A. wiirtuu siyaasaa    B. walakkeessa    C. cinaa    D. fuuldura

3. **Walakkeessa** Masaraa Kumsaa Morodaatti iddo jireenyaa mootichaatu argama.

- A. gidduu      B. duuba      C. cina      D. booda

4. Masaraan Kumsaa Morodaa yeroo ammaa **hambaa seenaa** ta'ee tajaajilaa jira.

- A. seenaa hinjirre    B. seenaa yeroo ammaa    C. seenaa durii    D. Afi C

5. Masaraa Kumsaa Morodaa daawwachuuf namoonni **biyya ambaa** irraa dhufu.

- A. biyya keessa    B. biyya kan biroo    C. biyya keenya    D. hunda

**B. Jechootaafi gaaleewan armaan gadiif hiika erga kennitee booda hima ittiin ijaari.**

1. qondaaltota
2. golhambaa
3. hambaa aadaa
4. masaraa
5. gaachana

C. Haala fakkeenya kennamaniin jechoota jecha kenne name waliin deeman gara keessaafi alaatti saaphaneessuun agarsiisi.

Fkn, 1. Seenaa



Fkn 2. tumuu



1. Nyaate
2. Dhahe
3. Hambaa
4. Tajaajila
5. Wal-

## Barannoo 6: Caasluga

### Ciroo Hirkataafi Ofdanda'aa

Gilgaala 10      **Himoota armaan gadii keessaa ciroo hirkataafi ofdanda'aa adda baasi barreessi.**

#### Fakkeenya:

*Caalaan sirriitti waan qo'ateef, qabxii olaanaa argate.*

Caalaan sirriitti waan qo'ateef, ( ciroo hirkataa)

qabxii olaanaa argate. (ciroo of danda'aa)

1. Inni waan anniisaa dhabeef, tabba ba'uu dadhabe.
2. Ati yoo dheebotte, bishaan dhugi.
3. Erga waraabessi darbee, sareen dutte.
4. Ani yommuun mana barumsaa ga'u, barattoonni daree seenaniiru.
5. Inni akkuma mana galeen, ijoolleef oduu durii dubbise.
6. Yommuu inni magaalaadhaa galu, namni tokko mana hinjiru.
7. Bokkaa cimaan roobulle, lagni hinguunne.
8. Osoon dureessa ta'ee, hiyyeessan gargaara.
9. Yoo abbaan iyyate, ollaan namaa birmata.
10. Olkaa'an malee, olka'anii hinfuudhan.

#### Yaadannoo

Ciroo of danda'aa kan jedhamu ciroo ergaa guutuu dabarsudha. Ciroo hirkataan garuu, ciroo yaadni isaa rarra'ee hafudha.


#### Fakkeenyaaf,

Ciroo hirkataa\_ Caalaan sirriitti waan qo'ateef,

Ciroo of danda'aa \_ Qabxii olaanaa argate.

## Barannoo 7: Afoola

### Hibboo



### Gilgaala 11 ➤ Gaaffilee armaan gadiirratti gareen mari'adhaa!

1. Fakkii kana irraa maal hubattu?
2. Hibboon yoom taphatama? Maaliif?
3. Hibboon adeemsa akkamii hordofee taphatama?
4. Namni hibboo gaafatame deebii sirrii kennuu yoo dadhabe, maaltu ta'a?
5. Seera hibboo eeguun lama lama ta'uun dabareedhaan walhibbifadhaa.

### Gilgaala 12 ➤ Deebii hibboo armaan gadii lama lama ta'aatii walhibbifachaa walitti himaa.

1. Ol siqcaa gad siqcaa cittoo kee akkam jirta?
2. Anoo ergaan deemaa ati eessa deemtaa?
3. Ciisu reeffaa ka'u leenca.
4. Hidda gamanaa qabnaan hiddi gamaa sosso'e.
5. Wajjin nyaannaa maaf huqqatta?

6. Jabbittii gurraattiin tabbarraa burraaqxi.
7. Mana gamaa balballisaa lama.
8. Ijisaa hin nyaatamuu muktisaa hin yaabamu isa malee hinjiraatamu.
9. Funyaan qabdii hinhaxxiffattu

## BOQONNAA SADII: WOYYOOMA NAMAA

### Bu'aalee Barachuu

#### Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- baruu siif dubbifamu dhaggeeffachuun yaada ijoofi calla adda baasta;
- dhimma tokkoratti yaada tokko deeggaruun falmii nigeggeessita;
- dubbisuun yaada ijoofi callaa barreffamichaa nihimta;
- gumee kenname fayyadamuun barreffama dheeraa nibarreessita;
- jechoota tishoo ni ijaarta;
- jechoota tishootiin hima ni ijaarta;
- bamaqaalee akeektuufi iyyaaffannoo adda nibaafatta.
- mammaaksa mammaaksan niiikta;

#### Barannoo 1:Dhaggeeffachuu Mirga Namoomaafi Mirga Dimookiraasi



### Gilgaala 1

**Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadii irratti gareen mariyachuun afaaaniin deebisi.**

1. Fakkii armaan olii irraa maal hubatta?
2. Mirga jechuun maal jechuudha?
3. Namni tokko, “Mirga kootu sarbame” yoo jedhu maal jechuu isaati?
4. Garaagarummaa mirgaafi dirqamaa maali?
5. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.
  - a. sarbuu
  - b. mirga.
  - c. namooma
  - d. dimokiraasii

### Gilgaala 2

**Dubbisa Mirga Namoomaafi Mirga Dimookiraasii jedhu siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaffilee asii gadii akkaataa gaafatamteen deebisi.**

1. Namni kamiyyuu uumamaan kabaja walqixa gonfatee uumame. (dhugaa/soba)
2. Mirgi dhalli namaa nama ta’uu isaatiin argatu mirga maalii jedhama?
3. Mirgoota namoomaa kanneen jedhaman isaan kami?
4. Mirgoota dimookiraasii kanneen jedhaman tarreessi.

### Gilgaala 3

**A. Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa’uun yaadota armaan gadii sirrii kan ta’an Dhugaa kan dogoggora ta’an immoo, Soba jedhii deebisi.**


1. Mirga namoomaa malee mirgi dimookiraasii mirga bu’uraa miti.
2. Mirgi namoomaa mirga waan nama taanee dhalanneef qofa argannuudha.
3. Mirgi filuufi filatamuu mirga dimookiraasiiti.

**B. Dubbisa dhaggefatteratti hundaa'ii gaaffiee armaan gadii cimdiin mariyachuun afaaniin dareef gabaasi.**

1. Dhalli namaa uumamaan woyyuudha jechuun maal jechuudha?
2. Mirgi dimookiraasii namni tokko qabu daangeffamuu nidanda'aa?  
Maaliif?
3. Tokkummaafi garaagarummaan mirga namoomaafi mirga dimookiraasii gidduu jiru maali?

**Barannoo 2:Dubbachuu**

**Falmii gaggeessuu**



**Gilgaala 4 Yaadota armaan gadii keessaa tokko filachuun gareen falmii gaggeessaa. Yaada irratti falmii gaggeessitan sababaan deeggaraa.**

- a Qarshii / beekumsa
- b Daldala / qonnaa
- c Baadiyyaa / magaalaa

**Yaadannoo**

**Adeemsa Falmii**

- Jalqaba, fedhiin garee nama 4-5 qabuun gurmaa'uu
- Abbootii seeraa nama lama filachuun
- Daqiqaa 10f yaada falmiif barbaachisu irratti mariyachuun gurmeeffachuu,
- Falmii daqiqaa 20 barattoota fuulduratti geggeessuu;
- Abbootiin seeraa garee mo'atee beeksisuun xumuruu

**Barannoo 3: Dubbisuu**

**Gilgaala 5**

**Dubbisa dhiyaate osoo hindubbisin dura gaaffilee asii gadiif deebii kenni.**

1. Naannoo keetti namoonni maaliif kabaja waliif kennuu?
  2. Naannoo keetti namoonni kabaja guddaa qaban namoota akkamiiti?
  3. Yaadrimree jechoonni armaan gadii wooyooma namaa keessatti qaban cimdiin walitti himaa.
- a. Ingiccaa    b. Ukee    c. Taaboree    d. Qunnii    e. Ateetee    f. Ilillii

## Gilgaala 6 ➤ Dubbisa dhiyaate dubbisaa gaaffilee asii gadii deebisi.

1. Haati woyyuudha kan jedhamte maaliif? Woyyooma ishee kana ibsuuf maaltu kabajama?
2. Abbaan woyyuudha kan jedhameef maaliif? Woyyooma isaa kana ibsuuf guyyaa kam dhaabbatu?
3. Woyyooma ijoollee dhiiraa ibsuuf ayyaanni kabajamu maal jedhama? Kan ijoollee dubaraa hoo?
4. Namni Abbaa Gadaa ykn Qaalluu woyyooma dhowwate maal adabama?

### **Woyyooma Namaa**

Dhalli namaa hundinuu jirenya addunyaa kanarratti uumamaan kabajaafi safuu argachuu qaba. Kunis, dhala namaaf woyyoomni barbaachisaa ta'uu agarsiisa. Akka aadaa Oromootti dhalli namaa sadarkaa kamirrayyuu jiru woyyooma qaba. Woyyoomni kunis wayyooma abbaa, woyyooma haadhaa, wayyooma ijoollee, woyyooma Abbaa Gadaafi woyyooma Qaalluu jedhamuun beekamu.

Haati ilmaafi intala waan namaa deessuuf **woyyuudha**. Akkasumas, nyaachistee obaaste waan nama guddistuuf woyyooma qabdi. Kanaaf immoo, woyyooma haadhaa ibsuuf guyyaan ateeteetee dubartii nikabajamaaf. Haaluma kanaan, dubartooni woyyoomaafi hormaata isaanii kan ittiin ibsat an ayyaana ateeteetee jedhamu kabajatu.

Woyyoomni abbaa immoo, maatii keessatti itti gaafatama mana ijaaruu irraa kaasee hanga diina maatii irraa eeguutti dirqama waan qabuuf kabajaafi ulfina qaba. Kana waan godhuuf abbaanis ayyaana woyyooma isaa ibsu kan kabajatu niqaba. Innis, ayyaana guyyaa Dilbataa dhaabbatu kabajata. Ulfinaafi kabajaa isaa ibsuuf kormi qalamee, bookni **naqamee** hiriyootaafi firoota isaa waammatee Dilbata dhaabbata.

Karaa biraatiin, aadaa Oromo keessatti ijolleen wayyooma qabu. Kunis, ijolleen dhiiraafi dubaraa ayyaanaa adda addaatti kabajatan yookiin kabajamuuf niqabu.

Warri dhiiraa ayyaana Taaboree yookiin Ukee jedhamu yoo kabajatan, ijoolleen dubaraa immoo ayyaana Ingiccaa/Qunnii yookiin Ilillii kabajatu. Kun kan agarsiisu Oromoo biratti ijoolleen woyyooma qabaachuu isaati. Guyyaa kana ijolleetti dirqamni addaa itti kennamu hinjiru. Taphatanii bashannanuun dabarsu jechuudha.

Gama biraatiin, akka bulchiinsa Sirna Gadaatti Abbaan Gadaafi Qaalluun hundaa ol woyyooma qabu. Isaanis, ummata Oromoo keessatti gaheefi aangoo olaanaa waan qabaniifi. Kanarraa ka'uunis, sirna bulchiinsa Oromoo keessatti Abbaa Gadaafi Qaalluun woyyooma addaa qabu. Fakkeenyaaaf, dura hineebbisan; dura hindeemamu; hinarrabsaman; hindikaman; hinajjeefaman; darbaa itti hindubbatamu; hinhamataman. Namni woyyooma kana darbee Abbaa Gadaa ykn Qaalluu **dike** yookiin **dhaane**, dhiiga buusee **qodha** kenna. Qodhi adabbii gorommii torbaati.

Walumaagalatti, ummata Oromoo biratti namni kamiyyuu kabajaafi safuu waan qabuuf woyyuudha. Kabajaafi safuu qabaachuun immoo, waan nama ta'eef qofa mirgi namoomaa isaa eeggamuufi akka qabu hubanna. Kanaafuu, jiruufi jirenya keessatti sadarkaa kamittuu ulfina walii kennuun barbaachisaadha. Kunis, namni akka namaatti kabajamuu qaba jechuudha.

## Gilgaala 7

**A. Yaada dubbisa asii oliirratti hundaa'uun ayyaanota woyyooma namaa roga "B" jala jiran qaamota roga A jala jiranitti firoomsi.**

**A**

1. Abbaa
2. Haadha
3. Ijolleee dhiiraa
4. Ijolleee dubaraa

**B**

- |                               |                                      |
|-------------------------------|--------------------------------------|
| A. Ayyaana Taaboree/ Ukee     | B. Ayyaana Ingiccaa/ Qunnii/ Ilillii |
| C. Ayyaana Dilbta dhaabbachuu | D. Ayyaana Ateetee                   |

## B. Dubbisa oliirratti hundaa'uun gaaffilee armaan gaditti kennaman irratti gareedhaan mariyachuun dareef gabaasaa.

1. Dhalli namaa uumamaan kabajaafi safuu waan qabuuf woyyuudha jechuun maal jechuudha?
2. Kabajni dhala namaa hundaaf yoo eegame eenyutu fayyadama?
3. Ummata Oromoo biratti woyyoomni Abbaa Gadaafi Qaalluu akkamiin ibsama?
4. Ergaan waliigalaa dubbisicha irraa hubatte maali?

## Barannoo 4: Barreessuu

### Keeyyata Barreessuu

**Gilgaala 8 ➔ Gumee armaan gaditti knname fayyadamuun mata-duree “Bosona” jedhuun barreffama dheeraa keeyyata afur qabu barreessi.**

1. Faayidaalee bosonaa
  - 1.1. Mana ijaaruifi meeshaalee manaa hojjechuuf
  - 1.2. Bakka jirenyaa lubbu-qabeeyyii adda addaaf
  - 1.3. Rooba harkisuuf
  - 1.4. Bashannanuuf
  - 1.5. Madda soorata adda addaa ta'uuf
2. Sababoota manca'insa bosonaa
  - 2.1. Babal'ifanna lafa qonnaatiif
  - 2.2. Cileefi qoraaniif muruudhaan
  - 2.3. Muka murame bakka buusuu dhabuu

3. Dhiibbaa manca'insa bosonaatiin dhufu
  - 3.1. Haalli qilleensaa jijiiramuun roobni dhabamuu
  - 3.2. Ho'insi qilleensaa dabaluu
  - 3.3. Gabbinni biyyee xiqqaachuu
  - 3.4. Bineensi bosonaa bakka jireenyaa dhabuun godaanuu
4. Kunuunsa bosonaa
  - 4.1. Bosona ciruufi muka muruu dhiisuu
  - 4.2. Yoo muka muran kan biraadhaabuun bakka buusuu
  - 4.3. Bosona jiru daangessuun tuttuqqaarraa eeguu

### Fakkeenya,

*Bosonni qabeenya uumamaa keessaa isa tokkoodha. Qabeenya uumamaa kan ta'e kun lubu-qabeeyyii maraaf faayidaa hedduu kan qabu ta'ee, karaa adda addatiin mancaatiin irra gahaa kan jira. Mancaatiin kun immoo, miidhaa adda addaa geessisaa kan jiruufi mancaatii kana hambisuuf kunuunsa taasifamuu qabu ilaaluun nidanda'ama. ...*

### Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

#### Gilgaala 9

- A. Hiika jechoonni armaan gadii dubbisa olii keessatti qaban barreessi.
1. dike \_\_\_\_\_
  2. qodha\_\_\_\_\_
  3. woyyuu\_\_\_\_\_
  4. dhaanuu\_\_\_\_\_
  5. naqamee\_\_\_\_\_

**B. Jechoota armaan gadii walitti fiduun tishoo taasisuun barreessi.**

**Fakkeenyaaaf:** Seenaa + qabaachuu = Seena qabeessa

1. Saree + diida \_\_\_\_\_

2. Mataa + dura \_\_\_\_\_

3. Roga + sadii \_\_\_\_\_

4. Qofaa + galuu \_\_\_\_\_

5. Harka + qallachuu \_\_\_\_\_

6. Saba + lammii \_\_\_\_\_

7. Garaa + jabaachuu \_\_\_\_\_

**C. Jechoota armaan olitti tisheessiteen hima ijaarii barsiisaa keetti agarsiisi.**

## Barannoo 6: Caasluga

### Bamaqaalee Akeektuufi Iyyaafannoo

**A. Bamaqaalee akeektuu:** kallattii wanti tokko itti argamu agarsiisuuf tajaajilu.

**Fakkeenyaaaf,**

kunoo, kuunnoo, sana , kana

Kitaaba **kana** dubbisi.

**B. Bamaqaa iyyaafannoo:** waa'ee waan hinbeekne tokkoo ilaalchisee  
odeeffannoo argachuuf fayyadamna.

**Fkn.** eenyu? yoom? eessa?

Inni **yoom** gale?

**Gilgaala 10** **Bamaqaalee armaan gadii keessaa kanneen bamaqaalee  
akeektuufi bamaqaalee iyyaafannoo ta'an adda baasii  
gabatee itti aanee kenname keessatti guuti.**

eenyu	kana	yoom	kunneen	eessatti
kam	maaliif	sanneen	maal	eenyuuf
sana	eessa	sun	kun	kunoo

Bamaqaalee akeektuu	Bamaqaalee iyyaafannoo
Fkn: kana	Fkn: kam?

**Barannoo 7: Afoola Mammaaksa**

**Gilgaala 11**

A. **Mammaaksota roga “A” jala jiraniif hiika isaanii roga “B” jalatti  
kennameen walitti firoomsi.**

**Mammaaksota“A”**

1. Aduu dhiite biqila hinhafatan.
2. Migirri lagaa gubannaan gingilchaan manaa boosse.
3. Bara Margaan nama qabe marga lafaatu nama qaba.
4. Alaa hamma gaalaa, manaa hamma baalaa.
5. Sangaa abbaan gaanfa cabse ormi ija jaamsa.

**Hiika mammaaksotaa “B”**

- A. Karaa qubni seene dhundhumni seena
- B. Bara bofni nama hidde, lootuun nama se'atti.
- C. Bishaan darbe hinwaraaban.
- D. Iji amma aboottee agartuun keessa hinjiru.
- E. Funyaan rukutan ijji boossi

B. **Mammaaksota armaan gadii mammaaksaan hiiki.**

**Fakkeenyaaaf:**

**Erga waraabessi darbee sareen dutte=**

**Gaabbiifi eegreen booda dhufu.**

1. Dhiittatan dhiittaa kutatan.
2. Namni boollaa baasan boolla nama buusa.
3. Waliigalan alaa galan.
4. Reeffa firaas sagal garagalchu.
5. Kan akka walii horii waliin yaafatti.
6. Boru hinbeekneen qoda bukoon ishee sagal.
7. Malaan malaa malaasan.
8. Akkeessaa tafkii injiraan utaaltee cabdi.
9. Duutuun duruu duutee, duuti maqaa fuute.
10. “Kan garaa malee kan maqaa yoom na dhibe,” jedhe waraabessi.

## BOQONNAA AFUR: SEENESSOO GABAABAA

### Bu'aalee Barachuu

#### Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- barruu siif dubbifamu dhaggeeffachaa jecha/gaalee hafe niguutta;
- seenessa dhgeeffatte keessaa yaada ijoofi callaa nihimta;
- seenessa dhiyaate dhaggeeffachuun kan biroo niseenessita;
- durdurii dubbiste keessaa yaada ijoo nibasta;
- duraa duuba gochi tokko itti raawwatamu irratti qajeelfama nikennita;
- caaccuulee seenessoo gabaabaa nitarreessita;
- walqabsiiftota barreffama keessatti nifayyadamta;
- hiika jechoota baratamoo hintaanee nikennita;
- jechamoota adda addaatiif hiika nikennita;
- hundeefi fufii jecha keessaa nibasta.

#### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu Seera Mootii Amooraabii

**Gilgaala 1** Seenessa dubbifamu dhaggeeffachuuun dura gaaffilee gadii irratti gareedhaan mari'adhaa.

1. Seerri maali?
2. Seera tumuu jechuun maal jechuudha?
3. Seera eenyutu tuma? Seera tumuun maaliif barbaachise?

**Gilgaala 2** **Seenessa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaffilee asiin gadii akkaataa gaafatamteen deebisi.**

1. Mootiin Hamoraabii taayitaa seera tumuu \_\_\_\_\_ irraa argate jedhamee amanama ture.
2. Seerri Mootiin Hamoraabii inni jalqabaa bara \_\_\_\_\_ tumame.
3. Seerri Mootii Hamoraabii adabbiwwan akka \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ of keessaa qaba
4. Seerri Mootii Hamoraabii seera warra Hibiruu irratti dhiibbaa fideera jedhamee amanama. (Dhugaa/ Soba)
5. Seerri Mootii Hamoraabii haala jirenya namoota biyya kamii guddisuuf tumame jedhama?

**Gilgaala 3** **Seenessa dhaggeeffatterratti hundaa'uun gaaffilee dhiyaatan deebisi. Deebii kee miiltoo kee waliin irratti mari'achuun dareef gabaasi.**

1. Seerri Mootii Hamoraabii akka ilaalcha keetti badaa moo gaariidha jetta? Maaliif?
2. Seera Mootii Hamoraabii walqixxummaa dhala namaatiin walbira qabuun akkamitti madaalta?
3. Seera Mootii Hamoraabiifi bulchiinsa Sirna Gadaatiin walcina qabuun madaaluun ibsi.

**Barannoo 2: Dubbachuu**

**Gilgaala 4** **Fakkeenyaa asii gadii hordofuun akkaataa bunni itti danfisamu ilaalchisee duraa duuba gochaa eeguun hiriya keetiif qajeelfama ifaa ta'e kenni.**

**Fakkeenyaa:** Ittoo shiroo hojjachuuf qajeelfama asii gadii hordofi.

- a. Jalqabarratti, qullubbii diimaa quncisuun mummuri.

- b. Qullubbii diimaa mummurame distiittii/xuwwaatti naquun ibiddarra kaa'i.
- c. Yemmuu qullubbichi bilchaatu zayita amma si gahu itti naqi.
- d. Itti aansuudhaan, timaatima mummuruun ykn billeessuun itti naqi.
- e. Sanaan booda, barbareefi qullubbii adii itti naquun daqiiqaawwan muraasaaf sochoosuun bilcheessi.
- f. Erga innni bilchaateen booda, bishaan hamma barbaachisu itti naqi.
- g. Bishaan yemmuu danfu daakuu shiroo akka wal-hinqabannetti itti naquun sochoosi/kuri.
- h. Erga sirriitti danfeen booda soogiddaafi mi'eessituu itti naquun ibidarraa fuudhuun nyaataaf dhiyeessi.

### Barannoo 3: Dubbisuu

#### Gilgaala 5

**Gaaffilee kanaa gadii beekumsaafi muuxannoo duraan qabdan irratti hundaa'uun gareen mariyachuun dareef gabaasaa.**

- 1. Durdurii waa'ee moototaa seenessuu dhageessanii beektan walitti himaa.
- 2. Durdurii waa'ee "Fardi Keenyaas, Halkanis Rimeessa" jedhu dhageessanii beektuu? Waan beektan walitti himaa.
- 3. Hiika jechaa ykn jechamoota armaan gadii tilmaami.
  - a. garaan bishaan ta'uu
  - b. rimeessa
  - c. fuula baduu
  - d. gara laafettii

#### Gilgaala 6 **Gaaffilee asii gadii durdurii dhiyaatee dubbisa dhuunfaan deebisi.**

- 1. Mootiin durdurii keessatti waa'een isaa himame maaliif sodaatama ture?
- 2. Namtichi gara masaraa mootichaatti waamamuu isaa yemmuu dhagahe maaltu itti dhagahame?

3. Mootichi namticha masaraatti waamsise maal akka fidu isa gaafate?
4. Haati warraa namichaa, abbaan warraa ishee rakkoo keessa galuu akkamitti barte?

### Fardi Keenya Halkan Kunis Rimeessa

Bara durii mootii **garajabessa** biyya tokko bulchutu ture. Mootiin kun namoota waamee waan humna isaaniitii ol ta'e akka hojjatan dirqisiisa ture. Yoo isaan hojjachuu yookiin fiduu hindandeenye immoo ni ajjeesa ture. Kanaafuu namoonni biyya sana keessa jiraachaa turan yemmuu maqaa mootichaa dhagahan **garaan bishaan ta'a** ture.

Mootichi guyyaa tokko namicha haadha warraasaa wajjin nagaafi gammachuun jiraatu tokko gara masaraa isaatti waamsise. Namichis yemmuu gara masaraa mootichaatti waamamuu isaa baru **mataa buuse**. Mootichi akka ajaja Akkoo Manooyyee isa ajajuuf deemu **quba qaba** ture. Haata'u malee, dirqama waan itti ta'eef gara masaraa mootichaa deemuu waan inni ajajutti **gurra kennuuf** murteeffate. Abdii kutatee waan tureef, sodaa tokko malee mootichaan waamamee akka ture waardiyootatti himee mooraa masarichaatti **miila dheereffate**. Waardiyyaan inni tokko faana fiiguun iddo mootichi jirutti isa geesse.

Namtichi yemmuu mooticha duratti dhiyaatu, mootichi barcuma isaarraa olka'uun “Boru ganama gaangee morma lamaa naa fidii kottu; yoo fiduu didde lubbuu kee akka na qabsiiste yaadadhu!” jedheen. Namtichis, kana dhaga'ee akka waan **lafti ittiin citee** dhaabbatee rom'e. Duubattis, durattis deemuu sodaate. Yemmuu inni fajajee dhaabbatu waardiyoonni lama harka isaa bitaafi mirgaa qabanii gadi isa baasan.

Innis suuta deemaan gara manasaatti gale. Haati warraa **fuula baduu** isaa agartee maal akka ta'e yoo gaafattus, akka isheen hingaddine yaadee **garaa dhokfate**. Haati warraa akka inni irbaata nyaatu gafannaan, waan dideef waan cimaa tokko rakkachuu isaa hubachuun cimsitee isa gaafatte. Isheen boossee isa rakkifnaan akka mooticha biratti waamamee, gaangee morma lamaa fiduuf ajajame itti hime. Haati warraa namichaas, yemmuu kana dhageessu baayyee gaddite. Haata'u malee, xiqqoo erga

yaaddee booda “Fardi keenyas halkan kunis rimeessa; kanaaf hingaddin; ka’ii amma irbaata kee nyaadhu” jetteen. “Tole **garalaafetii** koo” jedhee irbaata nyaatanii rafan. Ganama waca guddaatu hirriba irraa isaan kaase. Dhimma wacaa itti dhiisuun abbaan warraa gara moonaa fardaatti qajeelee fardi akka hindhalin hubate. Sana booda, yaada isaa gara waca dhagahamuutti deebisuun, maaltu akka uumame baruuf qe’eedhaa gadi bahee, namoonni maaliif akka wacan nama ollaa isaa tokko gaafate. Ollaan isaas, mootichi **gara jabeessi** eda du’ee buluu itti hime. Yemmuu kana dhagahu gammachuun machaa’ee waan qabee gad dhiisu wallaale. Haadha warraa isaa ishee beektuuttis figee itti hime. Sana booda, nagaafi gammachuun jiraachuu isaanii itti fufan jedhama .

## Gilgaala 7

### A. Durdurii dubbiste irratti hundaa’uun yaada sirrii ta’e *Dhugaa*, kan hintaane immoo *Soba* jechuun deebisi.

1. Bara durii mootichi namoota gara masaraa isaatti waamuun aangoo kennaafii ture.
2. Namtichi ajaja mootichaa waan raawwateef du’a irraa baraarame.
3. Fardi namtichaa galgaluma gaafa sanaa farda morma lama qabu dhalte.
4. Haati manaa namticha mana mootichaatti waamame sanaa yaada hubataa qabdi.
5. Namoonni naannoo sana jiraatan du’a mootichaa dhagaa’anii wacaa turani.

### B. Durdurii asii olitti dubbistee irratti hundaa’uun gaaffilee dhiyaatan irratti hiriya kee waliin yaada waljijiiri.

1. Haati warraa “Fardi keenyas halkan kunis rimeessa” yemmuu jettu maal jechuu barbaaddee?
2. Akkaataa durdurichaatti, “...akka ajaja Akkoo Manooyyee...” kan jedhu maal

jechuu sitti fakkaata?

3. Gochaalee durduricha keessatti raawwataman duraa duuba isaanii eegun afaaniin himi.
4. Yoomessi durdurii dhiyaate kanaa maali?
5. Qooddattooni durdurii kana keessatti hirmaatan enyu fa'i?
6. Durdurii kana irraa maal baratte?
7. Durdurii kana fakkaatu kan beektu hiriya keetti himi.

#### Barannoo 4: Barressuu

**Gilgaala 8** Walqabsiistota gabatee keessatti kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa keeyyata armaan gadii guuti. Walqabsiistuu tokko bakka tokkoo olitti galuu nidanda'a.

fi	Waan	Itti aansuun	osoo	akkasumas
Yemmuu	achiin	Jalqaba	Erga	yookiin

Baaccuun barattuu cimtuudha. Hojiwwan guyyaa guyyaatti dalagdu hunda karooraan 1 sagantaadhaan raawwatti. Akkuma mana barumsaati galteen laaqana ishii nyaatti. 3, hojmanee 4 abbaltii kennameef hojjetti. 5 isa xumurteen booda, hojii mana keessaa maatii ishii gargaarti. Yommuu yeroon irbaataa ga'us, irbaata ishee nyaachuudhaan qo'achuu eegalti. 6 guyyaa mana barumsaatti baratte hunda keessa deebi'uun 7 hindubbisiin gara hirribaa hindhaqxu. 8 bari'us, dabtara, kitaaba 9 qalama ishii 10 hinqixeffatiin ciree hin nyaattu. Mana barnootaat-tis, barnoota ishii sirnaan hordofti. 11 isheef hingalle hiriyoota ishee 12 barsiisota gaafatti malee callistee bira hindarbitu. Haadhaafi abbaa ishee gonkumaa hinmufachiistu. Galgala galgala buna 13 shaayii danfistee dhiyeessitiif. Walumaagalatti, Baaccuun barnoota ishee sirriitti 14 qo'attuuf yeroo hunda tokkoffaa bahuudhaan badhaafamti.

## Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

### Gilgaala 9

#### A. Jechoota gabatee asii gadii keessatti dhiyaatan keessaa filachuun bakka duwwaa himoota itti aananii guuti.

huccuu	qiraacii	mararfachuu
bobba'anii	gunfura	suufee

1. Tolasaan \_\_\_\_\_ mataa isaa filachuun sirba dhaquuf qophaa'ee jira.
2. Guyyaa aduun natti dhihee mukarra bule sana, leenci tokko dhufee muka ani irra bule jala\_\_\_\_\_ deeme.
3. Daa'imman Ardii Afrikaa baay'een isaanii hojii dadhabsiisaa irratti \_\_\_\_ jiru.
4. Yemmuu ijoollee turre, sibiila ciccitaafi \_\_\_\_\_ walitti qabnee taphataa turre.
5. Namoonni durii \_\_\_\_\_ dhahuun ofis ta'ee daa'imman isaanii daara baasu turan.

#### B. Jechamoonni gaditti dhiyaatan durdurii olitti dubbifte keessaa ba'an.

**Hiika isaanii fakkeenya kennamerratti hundaa'uun barreessi.**

Fkn. Gara-jabeessa- hamaa

Lk.	Jechamoota	Hiika isaanii
1	Mataa buusuu	
2	Fuula baduu	
3	Quba qabaachuu	
4	Garaa dhokfachuu	
5	Gurra kennuu	
6	Lafti ittiin cituu	
7	Miila dheereffachuu	

## Barannoo 6: Caasluga

### Fufilee (Maxxantoota)

Afaan Oromoo keessatti fufileen jechootatti maxxanuun (fufamuun) argamu. Fufileen tokko tokko jecha duratti yoo maxxanan kanneen biroon immoo jecha boodatti maxxanuun tajaajila adda addaaf oolu.

#### a. Fufii duraa

Afaan Oromoo keessatti fufileen jecha duratti galuun kan dhufan jiru.

**Fkn.**    **mum- + mure - mummure**

wal-+ jaallachuu- **waljaallachuu**

hin- + deemuu - **hindeemu**

al- + tokko – **altokko**

Jechoota armaan olii keessatti maxxantoonni gurraacheffamanii barreeffaman fufii duraa jedhamu.

#### b. Fufii boodaa

**Fkn.**    **saree + -oota= saroota**

hoolaa + -ota = **hoolota**

fira + -ummaa = **firummaa**

Jechoota armaan olii keessatti maxxantoonni gurraacheffamanii barreeffaman fufii boodaa jedhamu.

## Gilgaala 10

### A. Jechoota armaan gadii irra fufii duraafi boodaa baasi.

**Fakkeenya:** hindeemu = **hin-**      fufii duraa

namoota = **-oota**      fufii boodaa

- |              |                |
|--------------|----------------|
| 1. diddiimaa | 6. namummaa    |
| 2. jabbilee  | 7. ijoollummaa |
| 3. hinrafu   | 8. saawwan     |
| 4. nideema   | 9. guguddaa    |
| 5. dudubbate | 10. walutubuu  |

### B. Jechoota armaan gadii irra hundee jechaa baasuun barreesi.

**Fakkeenya:** deeman = **deem-**

**murte** = **mur-**

1. nyaatte
2. qalle
3. barsiise
4. qarte
5. fige

# BOQONNAA SHAN: BAAY'INA UMMATAA

## Bu'aalee barachuu

## Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- dubbisicha dhaggeeffachuun yaada ijoofi callaa barreffamichaa nihimta;
  - muuxannoo ofin walqabsiisuun oddeeffannoo dubbisa keessa nibaasta;
  - xiyyeeffannaan dubbisuun sababaafi bu'aa addaan nibaasta;
  - barreffama seenessaa nibarreessita;
  - jechamootaaf hiika galumsaa nikennita;
  - gochima hafoofi darboo addaan nibaafatta.

## **Barannoo 1: Dhaggeeffachuu**

## Baay'ina Ummata Itoophiyaa

Gilgaala 1

**Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadii irratti cimdiin mariyachuun afaa niin deebisi.**

**Gilgaala 2 ➤ Dubbisa siif dubbifamu dhageeffachaa gabatee armaan gaditti  
dhiyaate odeeffannoo sirrii ta'een guuti.**

<b>Baay'ina ummata Itoophiyaa</b>	
<b>Bara</b>	<b>Baay'ina</b>
1984	42.6
2007	
2021	
2060	
<b>Dabalinsa ummataa</b>	
<b>Bara</b>	<b>Dhibeentaa (%)</b>
1984 – 2007	72.5 %
2007 – 2021	
2021 – 2060	
Waggaa waggaadhaan	

**Gilgaala 3 ➤**

**A. Dubbisa dhageeffatte bu'uura godhachuun gaaffilee asii gadii *Dhugaa*  
yookiin *Soba* jechuun deebisi.**

1. Biyya keenya keessatti garaagarummaan dhalataafi du'a gidduu jiru dhiphaadha.
2. Baay'inni ummata Itoophiyaa bu'aa malee dhiibbaa hinqabu.
3. Hojii dhabdummaa wantoota fidan keessaa tokko baay'ina ummataati.
4. Lakkoofsi ummata Itoophiyaa bara 2060tti dachaan akka dabalu tilmaamama.

**B. Dubbisa olitti dhiyaate irratti hundaa'uun gaaffilee kanaan gadii      irratti  
gareen mari'achuun afaanin dareef gabaasaa.**

1. Hiyyummaan baay'ina ummataatiif sababa ta'uu nidanda'aa? Akkamitti?
2. Faayidaafi miidhaan baay'inni ummataa qabu maali?

3. Haala qabatamaa biyya keenyaa yookiin naannoo keenyaa yoo fudhanne baay'ina ummataatiif wantoonni sababa ta'an maal fa'i?

## Barannoo 2: Dubbachuu

**Gilgaala 4** **Yaadota asii gadii irratti gareen mariachuun afaaniin dareef gabaasaa.**

1. Baay'inni ummataa akka naannoo keessaniitti dabala jira moo xiqqaachaa jira sitti fakkaata? Sababni isaa maali jettee yaadda?
2. Baay'ina uummataatiin walqabatee miidhaa dhufu xiqqeessuudhaaf maaltu hojjatamuu qaba?

## Barannoo 3: Dubbisuu

**Gilgaala 5**

### A. Dubbisa dhiyaate dubbisuun dura gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.

1. Baay'ina ummataa to'achuun nidanda'amaa?
2. Baay'inni uummataafi tajaajilli karoora maatii walitti dhufeenza maalii qabu?
3. Hiika jechoota armaan gadii tilammami.  
a. to'achuu      b. dhiibbaa      c. saaxiluu      d. faalama

**Gilgaala 6** **Dubbisa gaditti dhiyaate dubbisaa gaaffilee asii gadii akkaataa gaafatamteen deebisi.**

1. Baay'inni ummataa garmalee dabala deemuun rakkolee kanneen akka godaansa, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_ fi hanqina kenninsa tajaajila hawaasaa fiduu danda'a
2. Sababonni namoonni baadiyyaa irraa gara magalaatti godaananiif \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ dha.

3. Hoji-dhabdummaan hiyyummaafi hanni akka babal'atu taasisa. (Dhugaa/ Soba)
4. Rakkolee baay'inni ummataa fidu keessa inni tokko hanqina kenninsa tajaajila hawaasaati. (Dhugaa/ Soba)
5. Keeyyata xumuraa, toora sadaffaa irratti gaaleen ...**rakkolee kanneen** jedhu maal agarsiisa?

### Baay'ina Ummataafi Dhiibbaa Isaa

Baay'inni ummataa garmalee dabalaan adeemuun rakkolee garaagaraaf ummata saaxila. Rakkoleen kunneenis, godaansa, hojii dhabdummaa, jijiirama qilleensa naannoo, hanqina midhaan nyaataafi hanqina kenninsa tajaajila hawaasaa fiduu danda'a. Baay'inni ummataa sababa adda addaarraa dhufuu danda'a. Isaan keessaa ijoon, garaagarummaa dhalataafi du'a gidduu jiru, godaansaafi hiyyummaadha.

Godaansi namootaa baadiyyarraa gara magaalaatti taasifamu dabaluu baay'ina ummataatiif agarsiiftuu tokkoodha. Sababonni namoonni baadiyyaa irraa gara magaalaatti godaananiif, hojii barbaachaafi fedhii bu'uuraalee misoomaa guuttachuudha. Godaansi gara magaalotaatti taasifamu immoo, baay'inni jiraattota magaalaan yeroo gara yerootti dabaluudhaan carraa hojii argachuu akka dhiphatu taasisa. Hoji-dhabdummaan immoo, hiyyummaafi hanni akka babal'atu godha.

Baay'inni ummataa kallattiifi alkallattiidhaan qilleensa naannoorratti dhiibbaa nigeessisa. Heddumminni ummataa manca'insa qabeenya naannoo geessisuudhaan qilleensa naannoorratti kallattiidhaan dhiibbaa uuma. Namoonni yoo hedduumaatan babal'ifanna lafa qonnaaf, ijaarsa manaaf, qoraaniifi kan kana fakkaataniif bosona nimancaasu. Kunis madaala qilleensa naannoo jeequun, roobni akka xiqqaatu yookiin waqtii malee akka roobuufi biyyee gabbataan dhiqamee oomishtummaan akka xiqqaatu taasisa.

Rakkolee baay'inni ummataa fidu keessa inni kan biroon hanqina kenniinsa tajaajila hawaasaati. Lakkoofsi ummataa garmalee yoo dabale, tajaajila akka mana

barumsaa, bishaan dhugaatii qulqulluu, mana yaalaafi humna ibsaa lammii hunda biraan ga'uun rakkoo ta'a. Kunis hawaasni jirenya boodatti hafaa akka jiraatuufi rakkoo fayyaaf akka saaxilamu taasisa.

Walumaagalatti, baay'inni ummataa dabalaan deemuu rakkoo hojii dhabdummaa, godaansa, hanqina bu'uuraalee misoomaafi faalama qilleensaatiif sababa guddaa ta'a. **Rakkoolee kanneen** furuuf immoo, warhsaalee akkaataa qilleensa naannoo hinfaalleen babal'isuun carraa hojii uumuu, fayyadama karoora maatii barsiisuufi miidhaa godaansi fidu hubachiisuudha. Kana malees, hanga danda'ameetti bu'uuraalee misoomaa naannoo hundatti guutuun rakkoolee kanaan wal qabatanii dhufan hir'isuuf yaaluun barbaachisaa ta'a.

## Gilgaala 7

### A. Gaaffilee armaan gadii dubbisa olitti dubbiste irratti hundaa'uun deebisi.

1. Baay'inni ummataa dabaluun rakkoo maalii fida?
2. Rakkoolee baay'ina ummataatiin walqabatanii dhufan furuuf tarkaanfileen fudhatamuu qaban maal fa'i?
3. Godaansi akkamitti baay'ina ummataa dabaluu danda'a?
4. Heddumminni ummataa jijiirama qilleensaaf akkamitti sababa ta'uu danda'a?
5. Dubbisa armaan olii irraa maal hubatte?

### B. Fakkeenyaa keenname hordofuudhaan himoota asii gadii sababaafi bu'aatti adda qoodii barreessi.

**Fakkeenyaaaf:** Namoonni hojii barbaaduuf baadiyyaa irraa magaalatti godaanu.

*Sababa: hojii barbaaduu*

*Bu'aa: magaalaatti godaanuu*

1. Jijiiramni qilleensaa faalama naannootiin uumamu, jirenyaafi fayyaa namaarratti miidhaa geessisa.

*Sababa:* \_\_\_\_\_

*Bu'aa:* \_\_\_\_\_

2. Lakkoofsi ummataa garmalee yoo dabale, kenniinsi tajaajila hawaasaa nidanqama.

*Sababa:* \_\_\_\_\_

*Bu'aa:* \_\_\_\_\_

3. Babal'achuun warshaalee ofeeggannoo hinqabne, qilleensa naannoofi fayyaa namaa miidha.

*Sababa:* \_\_\_\_\_

*Bu'aa:* \_\_\_\_\_

4. Dhalli namaa lafa babal'ifachuuf jecha, bosona mancaasa.

*Sababa:* \_\_\_\_\_

*Bu'aa:* \_\_\_\_\_

5. Bokkaan garmalee yoo roobe, biyyee gabbataan nidhiqama

*Sababa* \_\_\_\_\_

*Bu'aa* \_\_\_\_\_

6. Madaalliin qilleensa naannooyoo jeeqame, roobni nixiqlaata.

*Sababa:* \_\_\_\_\_

*Bu'aa:* \_\_\_\_\_

## Barannoo 4: Barreessuu

### Gilgaala 8

**Saamuda barreffama seenessaa gaditti dhiyaate fakkeenya godhachuun barreffama seenessaa kan biroo tokko barreessi.**

### Miidhaa Kijibaa

Kijibuun miidhaa guddaa namarraan ga'a. Kan Gammachuun qaqqabees kanuma. Gammachuun ilma hiyyeessaati. Abbaan isaa kadhatee isa jiraachisaa ture. Gaaf tokko mana barumsaa oolee osoo gara manaa deebi'ee galaa jiruu, jaarsa dulloomaa dhukkubsatee, daandii cinaa taa'ee aadu tokkotti dhufe. Battalumatti garaan isa badee jaarsicha tirsee gara mana yaalaa naannichatti argamuu geesse. Mana yaalaa erga gahanii booda, jaarsi gurbicha maqaa gaafate. Gammachuun ilma hiyyeessaatuu isaa himuu waan saalfateef, "Maqaan koo Gaaddisaadha; abbaan koo immoo Sooromsaa jedhama," jedhee itti hime. Guyyaa sadiin booda, jaarsichi qabeenya ofii mara gurbaa maqaan isaa Gaaddisaa Sooromsaa jedhamuuf akka naaf kennamu jedhee dhaammatee du'e. Haaluma kanaan, qabeenyi jaarsaa gurbichaaf kennamuuf murtaa'e. Kana dhaga'ee Gammachuun qabeenya jaarsaa dhunfachuuf yaalulle, maqaan isaa Gaaddisaa waan hinta'iniif seeraan fudhatama dhabe. Gammachuun gaarummaa jaarsaaf hojjateen dhaala kan argachuun irra ture, maqaa isaa waan kijibeef qabeenya jaarsaa osoo hindhaalin hafe.

## Barannoo 5: Fayyadama Jechamootaa

### Gilgaala 9.

**Himoota gadii keessatti, hiika jechamoonni gurmaacheffamanii barreffaman hawaasa keessatti qaban kenni.**

**Fakkeenyaaaf ,**

- a) Warrana, **qabbana qabduu?**

**Hiika:** Qabbana qabduu? jechuun ibidda qabduu jechuudha. Ollaadhaa ibidda fudhachuuf kan itti fayyadamnuudha.

- b) Mana dhufeen **si arge.**

**Hiika:** si barbaadeen mana dhufee sidhabe jechuudha.

1. Dhibee baraatiin **boqotan**.
2. Ayii! Umrii malee, **karaatti caban**.
3. Nagaa gaafachuuf jennaan, **fuula nadhoowwatte**.
4. Ariifadheen, **afaan duwwaa** manaa ba'e.
5. Waa bitachuuf. **harki naqallate**.
6. Ganamaa kaasee hanga ammaatti, **si iyyaafachaan** oole.
7. Maal taate namana, **waraabessi si nyaate hinyuusuu?**
8. Dubbiin kee **miiccan hinaddaatu**.
9. Dubbii dhaggeeffachuuf **gurra dhaabe**.
10. Maaliif akkanatti, **moora alalchita?**

## Barannoo 6: Caasluga

### Gochima Hafoofi Darboo

Fakkeenyaa,

- a) Caalaan muka **mure**.
- b) Caalaan **muge**.

Himoota lamaan fakkeenyaaaf olitti dhihaatan keessatti jechoonni gurmaacheffaman hojiin raawwatame agarsiisan. Lamaanuu gochima. Haata'u malee, gochimoonni himoota lamaan keessa jiran garaagarummaa qabu.

**mure** – jechi jedhu gochima darbaadha. Kana jechuun, gochi raawwatame qaama raawwate irra darbee, qaama irratti raawwatametu jira jechuudha. Haaluma kanaan, hima olii keessatti gochi muruu Caalaadhaan mukarratti raawwatamuu agarsiisa.

Kanaafuu, gochichi qaama biroorratti ce'ee (darbee) raawwatameera. Gochimoonni akkasii darboo jedhamu.

**muge** – kan jedhu ammoo, gochima hafoodha. Sababni isaa gochi muguu Caalaarrraa qaama biraatti hinceene; Caalaa irratti daanga'ee hafe. Kanaafuu, gochima hafoo jedhama.

## Gilgaala 10

- A. Gochimoota gaditti walkeessa makamanii dhiyaatan gochima hafoofi darbootti adda baasuun gabatee dhiyaate keessatti guuti.**

bite	kufe	rukutte	du'an	haamne	qabe
kenne	taa'e	ho'e	danfe	badhaasan	cabsite

Gochima darboo	Gochima hafoo

- B. Gochimoota olitti gabatee keessatti adda baastee tarreessite keessaa gochima darboo sadiifi gochima hafoo sadii fayyadamuun hima ittiin ijaari.**

## BOQONNAA JAHA: GAMMOOJJUMMAA

### Bu'aalee Barachuu

#### Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- barruu siif dubbifamu dhaggeeffachuun ergaa callaafi dimshaashaa isaa nihimta;
- mataduree kennamerratti ofitti amanamummaan nidubbatta;
- barruu dhiyaate dubbisuun yaada isaa nicuunfita;
- saamuda kenname fayyadamuun keeyyata addeessaa nibarreessita;
- jechoota galumsa adda addaa keessatti nifayyadamta;
- hima ajajaafi raajeffannoo nibarreessita

#### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

#### Faayidaa Bosonaa



**Gilgaala 1** Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee asii gadii irratti hiriyaan kee waliin mariyadhu.

1. Bosonni faayidaa maalii qaba?
2. Namoonni naannoo keetii bosonni akka hinmancaaneef kunuunsa akkamii taasisu?

3. Bosonni naannoo keetti dabalaan moo xiqqaachaa jira sitti fakkaata? Maaliif?

**Gilgaala 2 ➔ Dubbisa sii dubbifamu dhaggeeffachaa, gabatee armaan gadii guuti.**

T.L	<b>Faayidaalee Bosonaa</b>	
	Ilma namatiif	Lubbu-qabeeyyii biroof
1		
2		
3		
	Sababoota manca'insa bosonaa	Manca'insa bosonaa hambisuuf tarkaanfiwwan fudhatamuu qaban
1		
2		
3		

**Gilgaala 3 ➔ Dubbisa asiin olii irratti hundaa'uun, gaaffilee gadii irratti gareen erga mariyattanii booda afaaniin dareef gabaasaa.**

1. Meeshaalee mana keessaafi qoraaniif jecha bosona fayyadamuu xiqqeessuuf namoonni maal gochuu qabu?
2. Dubbisa dhaggeeffatte irraa maal hubatte?

## Barannoo 2: Dubbachuu

**Gilgaala 4** **Dhimma armaan gadii dubbisuudhaan gareen erga irratti mariyattanii booda afaaniin dareef gabaasaa.**

1. Obbo Mul'ataan adabamu qaba moo adabamu hinqabu jetta?
2. Adabamu hinqabu yoo jette maliif akka jette ibsi
3. Yoo adabamu qaba jette ammoo, adabbii akaakuu akkamii adabamu qaba?  
Maaliif?

*Obbo Mul'ataan ijoollee saddeet qaba. Ijoollee isaa kanneen jiraachisuuf lafa ballaa irra qotee nyaachisu hinqabu. Abbaan isaas ijoollee hedduu waan qabuuuf lafti inni abbaa isaa irraa dhaale xiqqoodha. Waan kana ta'eef, lubbuu maatii isaa tursiisuuf jedhee cilee gubee gurguree jiraata. Kana malees, lafa qonnaa babal'ifachuuf bosona ciree qotuun jiraata. Guyyaa tokko garuu, yaakka bosona mancaasutiin himatamuun waan itti murtaa'eef nihidhame.*

## Barannoo 3: Dubbisuu

**Gilgaala 5**

**Dubbisa gaditti dhiyaate dubbisuun dura gaaffilee asii gadii afaaniin deebisi.**

1. Bosona mancaasuu jechuun maal jechuudha?
2. Maatiin kee nyaata bilcheeffachuuf annisaa maal fayyadamu?
3. Mancaatii bosonaa hambisuuf maaltu hojjetamuu qaba?
4. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.
  - a. mancaasuu
  - b. galtee
  - c. laayyoo
  - d. dandamachiisuu

## Gilgaala 6. Dubbisa gaditti dhiyaate dubbisaa gaaffilee dhiyaatan deebisi.

1. Itoophiyaa keessatti ummanni qoraaniifi cilee fayyadamuudhaan nyaata bilcheeffatan dhibbeentaa (%) meeqa ta'u?
2. Dheeda looniitiif namoonni horii bobbaasuun mancaatii bosonaa nifida. (Dhugaa/Soba)
3. Qilleensi baramaan kan jijiiramuuf waan bosonni manca'eef miti. (Dhugaa/ Soba)
4. Namoota bosona mancaasan barsiisuufi seeraan akka gaafataman gochuun barbaachisaadha. (Dhugaa/ Soba)

### Manca'iinsa Bosonaa

Bosonni jirreanya lubbu qabeeyyii hundaaf faayidaaa guddaa qaba. Bosonni lubbu qabeeyyiif faayidaa qabu kun immoo, sababota adda addaatiin yeroo manca'u nimul'ata. Mancaatiin kun immoo, addunyaa keenya rakkolee adda addaatiif saaxilaa jira. Rakkolee sababoota manca'iinsa bosonaa kanaan dhufan furuuf tarkaanfiwwan garagaraa fudhatamuu qabu.

Bosonni biyyattiin qabachaa turte irra guddaan isaa sababoota adda addaatiin manca'aa jira. Isaan keessaa tokko, namoonni lafa qonnaa baballifachuuf bosona mancaasuudha. Inni lammafaan immoo, qoraaniifi cilee baasuuf jecha bosona barbadeessuudha. Itoophiyaa keessatti ummanni 94% ta'u qoraaniifi cilee fayyadamuudhaan nyaata bilcheeffatu. Inni sadaffaan, ijaarsa adda addaatiif galtee industiriitiif jedhanii bosona ciruudha. Sababni kan biroon immoo, dheeda looniitiif fayyadamuudha. Sababa hanqina margaarraa kan ka'e loon hedduun lafa bosonaatti bobbaafamu. Kun immoo, mancaatii bosonaa fiduu keessatti qoodni qabu laayyoo miti. Manca'uun bosonaa addunyaa rakkolee adda addaatiif saaxila. Kanneen keessaa tokko qilleensi baramaan jijiiramuufi madaallii isaa eeggachuu dhabuudha. Bosonni yoo manca'e mukkeen lubbu qabeeyyiidhaaf qilleensa oksijinii gadi lakkisan nidhabamu. Gama biroon immoo, manca'uun bosonaa dabaluu

ho'insa addunyaa geessisa. Kana malees. rakkoon manca'iinsa bosonaan dhufu kan biroon, dhiqama biyyeeti. Mukkeen ciramanii yoo dhuman, aduun kallattiin biyyee gogsiti. Kunis, biyyeen salphaatti bokkaan akka dhiqamu taasisa.

Bosona manca'e kana dandamachiisuuf tarkaanfilee adda addaa fudhachuun barbaachisaadha. Tarkaanfilee kanneen keessaa tokko yeroo yeroon biqiltuu dhaabuudhaan kunuunsuudha. Kana malees, namoonni qoraaniifi dhimmoota adda addaatiif bosona akka hinmancaasne hubannoo uumuun murteessaadha. Akkasumas, bosona ciramee bade bakka buusuufi lafa bosonaa adda baasanii daangessuun biqiltuu irratti dhaabuudha. Kanaan cinaattis, biyyeefi bishaan kunuunsuuf daagaa ijaaruun barbaachisaadha. Hunda caalaatti immoo, namoota bosona mancaasan barsiisuufi seeraan akka gaafataman gochuun barbaachisaa ta'a.

Walumaagalatti, bosonni jirreanya lubbu-qabeeyyii mara mijataa taasisuu keessatti qooda guddaa qaba. Haa ta'u malee,akkuma jiraachuun bosonaa jirenya dhala namaas ta'ee kan biroo mijeessu, yoo manca'e ammoo, jirenya lubbu-qabeeyyii mara hadheessa. Kanaaf, bosona akka galtee industiriifi madda jirenya ijoo ta'eetti fayyadamuurra bu'aalee teekinoolojii bosona bakka bu'uu danda'an gargaaramuuun baay'ee murteessaadha. Kana malees, namoota hubannoo dhabuudhaan bosona mancaasan barsiisuun barbaachisaadha. Hubannoон namootaa cimnaan, biqiltuu dhaabuun bosona manca'e bakka buusuufi biyyee sababa manca'iinsa bosonaan dhiqame yeroo murtaa'e keessatti dandamachiisuun nidanda'ama.

## Gilgaala 7

### A. Dubbisa olii irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii qabee deebii sirrii qabate filachuun deebisi.

1. Kanneen armaan gadii keessaa sababa manca'iinsa bosonaa kan ta'e kami?
  - a) Lafa qonnaa babal'ifachuuf
  - b) Qoraaniifi cilee baasuuf
  - c) Dheeda looniif
  - d) Hunduu deebiidha

2. Kanneen armaan gadii keessaa tokko rakkoo manaca'iinsa bosonaatiin kan dhufu miti.
- a) hoo'iinsi addunyaa dabaluu
  - b) qonnaaf mijataa ta'uu
  - c) biyyeen dhiqamuu
  - d) qilleensi baramaan jijiiramuu
3. Manca'iinsa bosonaa hambisuuf tarkaanfilee fudhatamuu qaban kami?
- a) biqiltuu dhaabuu
  - b) hubannoo namootaa cimsuu
  - c) lafa bosonaa daangessuu
  - d) hunduu deebiidha.
4. Yaada dubbisichaa ilaalchisee kan sirrii ta'e kami?
- a) bosonni addunyaa sababa adda addaatiin manca'aa jira
  - b) manca'iinsi bosonaa addunyaa kana balaa adda addaatiif saaxilaa jira
  - c) bosona manca'e deebisanii dandamachiisuun dhimma murteessaadha
  - d) hunduu deebiidha.
5. Keeyyata 2<sup>ffaa</sup> sarara dhumaa irratti, gaaleen ...**kun immoo...** jedhu maal ibsa?
- a) dheeda loonii
  - b) kunuunsa bosonaa
  - c) ho'iinsi addunyaa dabaluu
  - d) cilee gubuu

**B. Dubbisa oliirratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadiitti dhiyaatan cimdiin mariyachuun afaaniin deebisi.**

1. Rakkoo manca'iinsa bosonaatiin dhufan akkamitti dandamachuun danda'ama?
2. Namoonni bosona akka hinmancaasne gochuuf qaamonni adda addaa maal gochuu qabu?
3. Bosona manca'e deebisanii dandamachiisuuf tarkaanfiiwan fudhatamuu qaban maal fa'i?
4. Mancaatiin bosonaa haala kamiin madaallii uumamaa jeeqa?

## Barannoo 4: Barreessuu

### Keeyyata Addeessaa

Obbo Kumsaan, inni tibbana ollaa kootti gale, waan hedduun nama dinqisiisa. Dhaabbanni qaama isaa furdaa, dheeraa, ulfaatinaan dorgomaa kan hinqabneedha. Fuulli isaa shuntuuraa, gurraacha nuugii tumaan tole fakkaata. Areedni isaa fuula isaa hunda haguugee erga dhalatee qarabaa akka itti hinbuune ragaa baha. Mataa isaa bitaafi mirgaan arriin darbee darbee wawwaraanee jira. Moluun mataa isaa irraan duubatti qaxxaamuru, karaa gaara guddaa irra darbu isa fakkeesee jira. Walumaagalatti, Obbo Kumsaan haalli dhaabbiifi bifaa isaa waan hedduun kan nama ajaa'ibsiisuudha.

### Gilgaala 8

**A. Keeyyata addeessaa olitti dubbiste ka'umsa godhachuuun gaaffilee itti aanan deebisi.**

1. Keeyyatichi qaamolee keeyyanni tokko qabaachuu qabu maalfaa qaba?
  1. Himni ijoon keeyyataichaa isa kami?
  2. Himni goolabaa keeyyatichaa kami?

**B. Barreefama olitti dhiyaate fakkeenyaa godhachuun mata duree tokko irratti keeyyata addeessaa tokko barreessuun dareetti dhiyeessi.**

**Fakkeenyaaaf:**

**Mata-duree**

- **Mana barnootaa koo**
- **Miidhagiina Dureettii**

**Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa**

**Gilgaala 9** Hiika jechootni himoota keessatti gurraacheffamanii jiran qaban barreessi.

**Fakkeenyaaaf:**

Boonsaan qarshii dhibba tokko karaarratti **gate**. (buuse)

Boonsaan midhaan isaa gatii rakasaan **gate**. (gurguree )

1. Uffanni Magartuu **daaraa** tuqe.

Gammadaan diinota isaa **daaraa** godhe .

2. Tolaan hattuu **qabe**.

Barsiisaan barattootaaf qabxii **qabe**.

3. Gaaddiseen yemmuu boossu garaa nama **nyaatti**.

Gaaddiseen laaqana ishee **nyaatti**.

4. Mukni kun **gogaadha**.

Dubbiin nama sanaa **gogaadha**.

5. **Sagaleen** isaa hindhaga'amu.

Sirna dimookiraasii keessatti **sagaleen** ummataa murteessaadha.

## Barannoo 6: Caasluga Hima Ajajaafi Raajeffannoo

**Hima Ajaja:** Himni ajajaa gosa himaa akka wanti tokko raawwatuuf dhaamsa ittiin dabarsinudha.

### Fakkeenyaaaf,

a. Dafii naaf kottu!

b. Ka'ii dhaabbadhu!

**Hima Raajeffannoo:** Himni kun hima naasuu, gammachuu, dinqisiifannaafi kkf of keessaa qabuudha.

### Fakkeenyyaf,

a. Maali, mucaan bareedduun kun!

b. Uggum! Akkam namatti tola!

**Gilgala 10** ➤ Fakkeenya gabatee keessatti kennaman sirriitti hubachuudhaan hima ajajaafi hima raajeffannoo mataa keetii barreessi.

Lakk.	Hima ajaja	Hima raajeffannoo
1	Balbala sana cufi!	Yaa Rabbi sii magan!
2		
3		
4		
5		

## BOQONNAA TORBA: DAA'IMMAN HOJII HUMNAA OLII HOJJACHIISUU

### Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- baruu siif dibbifamu dhaggeeffachaa gaaffileef deebii nikennitta
- baruu dhaggeeffachuun ergaa isaa nihimta;
- ga'ee qooddachuu waliiin dubbii nitaasista;
- dubbisa dhiyaate dhubbisuun ergaa dubbisichaa adda nibaasta;
- himoota walmakanii jiran tartiiba isaanii sirreessuun keeyata nibarreessita;
- hiriya /fira keef xalayaa nibarreessita;
- jechoota adda addaaf hiika faallaa nikennita;
- qaama himaa (matimaafi kutima) addaan nibaasta.
- jecha dachaa keessaa soorgoofi sookoo nibaasta;

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

Daa'imman Hojii Humnaa Olii Hojjachiisuu



**Gilgaala 1 ➤ Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin gabaasaa.**

1. Fakkii armaan oliirraa maal hubatte?
2. Naannoo keessanitti daa'imman hojii akkam akkamii hojjetu?

**Gilgaala 2 ➤ Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaffilee asii gadii akkaataa gaafatamaniin deebisi.**

1. Biyyoota hedduu keessatti daa'imman umrii waggaayookiin eegalani maatii isaanii hojiin gargaaruu eegalu.
2. Biyyoota sooreyyii keessatti daa'imman hojii humnaa olii hojjachuuf saaxilamu. (dhugaa/soba)
3. Daa'imman hojii humnaa olii hojjachiisuuf sababoota ijoo kanneen ta'an maal fa'i?

**Gilgaala 3 ➤ Dubbisa dhaggeeffattan irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadiirratti mariyachuun dareef ibsaa.**

1. Hojiin humnaa ol ta'e, kan daa'imman hojjachuun hinqabne kanneen akkamiiiti?
2. Daa'imman maaliif hojii humna isaaniitii ol ta'e hojjechuutti bobba'u?
3. Yaadni, "Ijoolleen carraa ishee guddatti," jedhu sirrii moo sirrii miti jetta? Maaliif?
4. Dubbisa dhaggeeffatteraa maal hubatte?

## Barannoo 2: Dubbachuu

### Gilgaala 4

**Ga'eewwan armaan gaditti kennaman keessaa tokko filachuun mirga daa'immanii irratti haasaa taasisi.**

- Poolisii
- Abbaa Seeraa
- Bulchaa Aanaa
- Hogganaa/tuu Waajjira Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii
- Hogganaa/tuu Mana Barnootaa

## Barannoo 3: Dubbisuu



### Gilgaala 5

**Dubbisa dhiyaate dubbisuun dura gaaffilee armaan gadiirratti hiriya kee waliin mariyadhuu dareef gabaasi.**

1. Fakkii asii oliirraa maal hubatte?

2. Hojii humnaa olii jechuun maal jechuudha?
3. Daa'imman hojii humnaa olii hojjetan agardee beektaa?
4. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.
  - a. dagaagina
  - b. xiinsammuu
  - c. konveenshinii
  - d. dhorkuu

**Gilgaala 6 Dubbisa dhiyaate dubbisaa gaaffilee armaan gadii akkaataa  
gaafatamteen deebisi.**

1. Daa'imman kunuunsuufi eegumsa taasisuun maaliif barbaachise?
2. Hojiileen daa'imman umrii xiqqaadhaan hojjachuu qaban kanneen akkamiiiti?
3. Akka Konveenshinii Mirgoota Daa'imman Idil-Addunyaa ibsutti, daa'imman jechuun ilmaan namaa umriin isaanii waggaa \_\_\_\_\_ gadi ta'ee hunda jechuudha.
4. Biyyoota guddachaa jiran keessatti daa'imman hojii sasalphaa hojjachuu danda'an kanneen waggaa 12- 14 ta'anidha. (Dhugaa/ Soba)
5. Sababoonni daa'imman hojii humnaa olii irratti akka bobba'an taasisan maal fa'i?

**Daa'imman Hojii Humnaa Olii Hojjachiisuu**

Daa'imman kutaa hawaasaa keessaa warreen kunuunsaafi eegumsa addaa barbaadaniidha. Kunuunsiifi eegumsi addaa kan isaan barbaachisuufis, sababa umriifi bilchina isaanii irraa kan ka'e rakkoo addaaf akka hinsaaxilamneefi. Kana malees, daa'imman naamusa gaarii akka horatan, guddina qaamaa, bilchina sammuufi dagaagina hawaasummaa isaanii akka gabbifatan yeroo hunda gorsaafi gargaarsa warraafi hawaasa bal'aa barbaadu. Kanaafuu, hojii humnaa olii hojjachiisuuun daran isaan miidha. Waan kana ta'eef, daa'imman hojii humnaa olii hojjachiisuuun miidhaa akka qabu, mirga daa'immaniin walqabatee seeronni daa'imman hojii humnaa olii akka hinhojjisiisne dhorku maal akka ta'erratti hubannoo qabaachuun barbaachisaadha.

Akka waliigalteen (Konveenshiniin) Mirgoota Daa'immanii Addunyaa ibsutti, daa'imman jechuun ilmaan namaa umriin isaanii waggaa 18 gad ta'ee hunda jechuudha. Daa'imman umriin isaanii waggaa 18 gad ta'an biyyoota hunda keessattuu hojiiwwan balaa hamaa qaban irratti hirmaachuu akka hinqabne addeessa. Akkasumas, daa'imman waggaa 13-15 hojiiwwan sasalphaa tahan irratti hirmaachuu akka danda'an kan eeru ta'ee, biyyoota guddachaa jiran keessatti garuu waggaa 12- 14 akka ta'e ibsa.

Rakkoo kana bu'uurarraa hambisuufis, Dhaabbanni Hojii Addunyaa daa'imman wagga 14 gad ta'an hojii humnaa olii kanneen akka warshaa keessa hojjachuu, ijaarsa manaa, hojii qonaa humnaa oliifi kkf hojjachuu akka hinqabne tumeera. Akka addunyaatti, umriin daa'imman hojii irratti bobba'an inni gad-aanaan waggaa 15 akka ta'etti beekkama. Haa ta'u malee, daa'imman umrii xiqqaa hojiif barbaachisu osoo hinguutin waggaa lama dura (waggaa 13-15) hojii sasalphaa, fayyaafi nageenya isaanii miidhuu hindandeenye, barumsa irraa hinambisne qofa hojjachuu akka danda'anis tumamee jira. Tumaalee kanneen hojiirra oolchuun ammoo, ga'eefi dirqama maatiifi hawaasa biyyootaati. Keessaahuu, mirgoota daa'immanii kabajuufi kabachisu keessatti, maatiin hundi akkuma dandeettii isaaniitiin haalawwan jirenyaaafi guddina daa'immaniif barbaachisan (nyaata, uffataafi iddo jirenyaa) guutuuf dirqama qabu.

Walumaagalatti, daa'imman hojii humnaa olii hojjechiisuun akka seera addunyaattis ta'ee akka biyya keenyaatti dhorkaadha. Konveenshiniin Mirgoota Daa'immanii Addunyaa, mirga daa'immanii ilaachissee hojii humna isaanii ol ta'e hojjechiisuundhorkaaakkata'eibseejira. Seerriadabayakkaabiyyakeenyaas daa'imman hojii humnaa olii hojjechiisuun seeraan akka nama adabsiisu lafa kaa'ee jira. Kanaafuu, namni kamuu daa'immaniif kunuunsaafi deggarsa barbaachisu gochuufi malee hojii humna isaanii ol ta'e hojjechiisuun miidhaa qaamaafi xiinsammuu irraan ga'uu hinqabu.

**Gilgaala 7. Dubbisa asiin olii irratti hundaa'uun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.**

1. Miidhaa sababa hojii humnaa oliitiin daa'immanirra ga'u akkamiin ittisuun danda'ama?
2. Daa'imman hojii humnaa olii irratti akka hinbobbaaneefi hinbobbaafamneef akka hawaasaafi maatiitti maaltu godhamuu qaba jettee yaadda? Akka binyaatti hoo?
3. Yakkoota seeraan ala humna daa'immaniitti fayyadamuu dhabamsiisuuf ykn hir'isuuf maaltu ta'uu qaba?
4. Dubbisa oliirraa waan hubatte ibsi.

**Barannoo 4: Barreessuu**

**Gilgaala 8**

**A. Himoota gadii tartiiba yaada isaanii sirreessuun keeyyata tokkoon barreessi.**

1. Goromsiifi loon isheen guyyaa moggaasaatii eegalee hortu marti qabeenyaa daa'ima saniiti.
2. Sirna Gadaa keessatti bu'urri egeree daa'imaan guyyaa dhalootaa irraa ee-galee kaa'ama.
3. Rifeensa mataa daa'imaarraa haadan dugda goromsarra kaa'u.
4. Daa'imni dhalatee gaafa guyyaa shanii rifeensa mataa haadanii maqaa moggaasu.
5. Daa'imni maqaan moggaasame hanga waggaa saddeetiitti afoola hawaasaa barachaa, taphachaa guddata malee hojii akaakuu kamittuu hinbobba'u.
6. Walumaa galatti, hanga ganna kudha ja'aatti, daa'imni hojii humnaa olii akaakuu kamiyyuu akka hojjetu Sirni Gadaa hinhayyamu.
7. Waggaa saddeetii hanga kudha ja'aatti too'annaa maatii jalatti hojii sasalphaa naannoo manaatti hojjechuu eegala.

B. Xalayaa Dhuunfaa Barreessuu

1. Ebla 20, 2013

Nadhii Gannaalee

Yuunivarsiitii Bulee Horaa

L.S. P -----

Bulee Horaa

2. Gammadaa Gannaalee

Yuunivarsiitii Dambi Doolloo

L. S. P. -----

Dambi Doolloo

3. Jaallatamaa obboleessa koo Gammadaa Gannaalee, akkam jirta? Fayyaa keetii?

Aabboon, aayyooniifi obbolaan keenya cufti yaada kee irraa kan hafe nagaa isaaniiti.

Xalayaan ati naaf barreessite nagaheera. Dhaamsa kees maatii keenya biraan ga'eera.

Xalayaa kana siif barreessuuf ka'umsa kan naaf ta'e, yaada ati maatiin keenya maallaqa akka siif ergan gaafatte sana si beeksisuudha. Haaluma kanaan, maatiin keenya barnoota kee xumurtee dhufuutti guddoo gammadanii jiru. Maallaqa ati gaafatte irratti dabaluunis qarshii kuma sadii karaa baankii Siinqee lakkoofsa herregaa kee irratti siif erganiiru. Kanaaf, maallaqicha seeraan itti fayyadamtee yeroo dhiyoo keessatti waliin gara maatii keenyaa akka deemnu nan abdadha.

4. Egaa, hanga qaamaan walagarrutti nagaa naaf ta'i!

Obboleettii kee,

Nadhii Gannaalee

**C. Gaaffilee gaditti kennaman kutaalee xalayaa olitti dhiyaate  
bu'uura godhachuun deebisi.**

1. Lakkoofsa 1fi 2 jalatti maaltu barreeffame?
2. Lakkoofsi 3 maal ibsa?
3. Lakk 3 Keeyyata sadiiiti maaliif qoodame?
4. Lakkoofsa 4 maaltu adda taasisa?

**D. Xalayaa olitti kenname ka'umsa godhachuun hiriyaay yookiin fira kee  
fageenyatti argamuuf xalayaa barreessi.**

**Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa**

**Gilgaala 9** Jechoota “A” jalatti kennamaniif hiika faallaa isaanii  
kanneen “B” jalatti kennamaniin walitti firoomsi.

**A**

1. tuuluu
2. garboomsuu
3. sarbuu
4. amba
5. hamaa
6. hirmaachuu
7. guddachuu

**B**

- |                  |
|------------------|
| A) qoollifachuu  |
| B) quucaruu      |
| C) gaarii        |
| D) diiguu        |
| E) fira          |
| F) kabajuu       |
| G) bilisa baasuu |

## Barannoo 6: Caasluga

### Matimaafi Kuthima

**Matimni** hima tokko keessatti kan gocha himame tokko raawwatu yookiin waa'een isaa dubbatamuudha. **Kutimni** immoo, waa'ee matimaa odeeaffannoo kan kennuudha.

**Fkn.** Caalaan barataa qaxaleedha.

**Matima**—Caalaan

**Kutima**--- barataa qaxaleedha.

**Gilgaala 10** ➤ **Himoota armaan gadii keessaa matimaafi kutima addaan baasi.**

1. Tolaan dhufe.
2. Guutuun tokkoffaa ba'e.
3. Boontuun baayyee bareedduudha.
4. Iftuun oggeettii fayyaati.
5. Gammadaan magaalaan deeme.
6. Sa'attii burreen rimaadha.
7. Hacaaluun weellisaa beekamaadha.
8. Barataa cimaan badhaafame.
9. Isaan biqiltuu dhaaban.
10. Gammachuufi Boontuun mana barumsaa tokkotti baratu.

## Barannoo 7. Ciigoo

**Gilgaala 11. Walaloo armaan gadiitti kennaman keessaa dubbii dachaa  
(sobbooqoo) isaa baasuun soorgoofi sookoo isaa barreessi.**

Fakkeenyaaaf, *Kan akkas bariin kaate*

*Mucattiin sinbira taate.*

**Dubbii dachaa:** Mucattiin sinbira taate.

**Soorgoo:** shimbirroo balaliitu

**Sookoo:** Isin bira dhufte

1. Nutti haa tolu jennee

Mana harree bulle.

2. Ofif mana hinqabuu

Mana haadhaa bula.

3. Bokkaa cimaan roobee

Lolaan mana diige

4. Hoolaa bitan malee

Yoom qalamee nyaannee?

5. Hinmukaayinaatii

Dhugaa dubbadhaa!

6. Mana maatii dhiisee

Mana nyaataa bule

## BOQONNAA SADDEET: GADAIFI NAGEENYA

### Bu'aalee Barachuu

#### Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- baruu dhaggeeffachuun ergaa callaafi ijoo isaa nihimta;
- yaada ijoo dubbisaa nicuunfita;
- sirna tuqaalee barreffama keessatti nifayyadamta;
- jechoota dubbisa keessaa bahan hiika walfakkiin walitti firoomsita;
- gochima hennaa gara fuulduraa agarsiisan adda baafatta.
- ergaa faaruu loonii nihimta;
- faaruu loonii naannoo keetti argamu dareef nidhiyeessita;

### Barannoo 1. Dhaggeeffachuu

#### Sadarkaalee Umrii Sirna Gadaa Keessatti

**Gilgaala 1** → Dubbisa isiniif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee gadiirratti cimdiin mari'adhaa.

1. Waa'ee Sirni Gadaa waan beektan walitti himaa.
2. Sadarkaalee Sirna Gadaa keessa jiran maal fa'a beekta?

**Gilgaala 2** → Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gabatee asii gadii guuti.

Sadarkaalee umrii Sirna Gadaa		Umrii /Waggaa
1	Dabballee	0- 8
2	Gaammee Xixiqqaa	
3	Gaammee Gurguddaa	
4	Raaba	
5	Doorii	
6	Gadaa	

**Gilgaala 3** **Dubbisa dhaggeeffatterratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii irratti cimdiin mariyachuun afaaniin dareef ibsi.**

1. Abbaan Gadaa tokko ganna saddeet caalaa bulchuu nidanda'aa? Maaliif?
2. Dubbisa dhaggeeffatte keessatti Sirni Gadaa mirga daa'immanii akka kabaju wanti ibsu maali?
3. Sirna Gadaa keessatti qoqqoodamiinsi umriidhaan jiru kun faayidaa maalii qaba?
4. Dubbisa dhaggeeffatte irraa maal hubatte?

**Barannoo 2: Dubbachuu**

**Gilgaala 4** **Dubbisa dhaggeeffattan irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadiirratti gareen ta'uudhaan haasaa taasisuun dareef gabaasaa.**

1. Sirni Gadaa xiyyeefannoон inni daa'immaniif kenu kan Dhaabbata Konvenshini Mirgoota Daa'immanii waliin walfakkeenyummaa maalii qaba?
2. Bulchiinsi Sirna Gadaa sirna dimokiraasii addunyaan yeroo ammaa hordofaa jirtu kanaaf bu'uura nita'a jettee yaaddaa? Akkamitti?

**Barannoo 3:Dubbisuu**

**Gilgaala 5** **Dubbisa itti aanee jiru dubbisuun dura gaaffilee armaan gadii deebisi.**

1. Nageenya jechuun maal jechuudha?
2. Hiika jechoota aemaan gadii tilmaami.
  - a. tasgabbii
  - b. soruu
  - c. soorata
  - d. malkaa

**Gilgaala 6** **Dubbisa dhiyaate dubbisaa gaaffilee armaan gadii akkaataa gaafatamteen deebisi.**

1. Oromoon rakkoon kamiiyuu erga uumamee booda furuu osoo hintaane akka rakkoon hinuumamne hojjachuun bu'a-qabeessa ta'uu hubata. (Dhugaa/Soba)
2. Sirna Gadaa keessatti, garaagarummaan qabeenya waloofti dhuunfaa gidduu jiru baay'ee dhiphaadha. (Dhugaa/ Soba)

3. Akka ilaalcha Sirna Gadaatti nageenyi kan barbaachisu eenyuufi?
4. Bulchiinsa Sirna Gadaa keessatti qabeenyi uumamaa kan eenyuuti?

### Sirna Gadaafi Nageenya



Sirna Gadaa keessatti nageenyi bakka guddaa qaba. Mammaaksi Oromoo “Nageenyi ardiifi samii caalaa bal’ata” jedhus ilaalcha hawaasichi nageenyarratti qabu ibsa. Akka Sirna Gadaatti, nageenyi bu’ura waa hundaati. Bakka nageenyiifi tasgabbiin hinjirretti lubbuun namaa wabii hinqabu. Qabeenyas ta’ee maatii horachuun hindanda’amu. Nagaafi tasgabbiin yeroo dheeraaf yoo dhabame, hawaasni beelaafi dhukkubaaf saaxilama. Kanaaf, Sirni Gadaa nageenyi akka hinboorofne xiyyeefanno olaanaa kenna.

Akka bulchiinsa Sirna Gadaatti, nageenyi kan barbaachisu dhala namaa qofaaf miti. Fakkeenyaaaf, dacheef, tulluuf, malkaaf, beeyladaaf, bineeldaafi wantoota lafa irra jiran maraaf nageenyi jiraachuun murteessaadha. Uumamni marti yoo nagaa ta’an namnis nagaa ta’a. Roobni nagaa yoo sore, margi biqila; beeyladoonni soorata ga’aa argatu. Beeyladoonni soorata ga’aa yoo argatan, dhalli namaa beeylada irraa bu’aa argata. Lubbu-qabeeyyiifi wantoota lafarra jiran keessaa tokkoo yoo miidhame, kanneen biroos akka miidhaman hawaasni Sirna Gadaa nihubata.

Sirna Gadaa keessatti, walitti bu’iinsi hawaasaa akka hinuumamne tooftaalee hedduutu jiru. Oromoon rakkoon kamiyyuu erga uumamee booda furuu osoo hintaane akka hinuumamne hojjechuun bu’ a-qabeessa ta’uu hubata. Kanaafuu,

wantoota walitti bu'iinsaaf sababa ta'an dursee dhabamsiisuuf yaala. Sirna Gadaa keessatti walitti bu'iinsi hawaasaa fayyadama qabeenyaatiin walqabatee akka hinuumamne tooftaaleen ittiin eegan hedduutu jiru. Isaan keessaa inni tokko, qabeenya dhuunfaafi waloo waliin fayyadamuudha. Bulchiinsa Sirna Gadaa keessatti qabeenyi uumamaa murteessoon kanneen akka lafaa, bosonaafi eela bishaanii qabeenya walooti. Qabeenyi faayidaa walootiif oolan kunneen miseensota gosaa maraan eegamuudhaan kunuunsamu. Qabeenya dhuunfaas ta'e qabeenya waloo eeguufi kunuunsuunis dirqama hundaati. Sirna kana keessatti, garaagarummaan qabeenya waloofi dhuunfaa gidduu jiru baayyee dhiphaadha. Kanaafuu, qabeenyaan walqabatee walitti bu'iinsi uumamuufi nageenyi boora'u hinjiraatu.

Walumaagalatti, Sirna Gadaa keessatti negeenyaaf iddo guddaan kan kennamuudha. Nagaan jiraachuun kan danda'amu, yoo nageenyi jiraate qofa waan ta'eef, Sirni Gadaa nageenyaaf xiyyeffanna guddaa kenna. Kanaafuu, qabeenya waloos ta'ee kan dhuunfaa eeguufi kunuunsuun sirnaan itti fayyadamuuf bulchiinsi Sirna Gadaa cimsee hojjata.

### **Gilgaala 7 Yaada dubbisa armaan oliirratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii deebisi.**

1. Mammaaksi Oromoo "Nageenyi ardiifi samii caalaa bal'ata" jedhu maal ibsa?
2. Nageenyi erga boora'ee booda furuuf yaaluu osoo hintaane akka hinuumamne hojjechuun bu'aa maalii qaba?
3. Hawaasni Sirna Gadaan bulu qabeenya uumamaa akkamitti eega?
4. Sirna Gadaa keessatti qabeenya uumamaa kan waloo taasisuun maaliif barbaachise?
5. Yaada ijoo dubbisa armaan olii cuunfun ibsi.

## Barannoo 4: Barreessuu

**Gilgaala 8** Keeyyanni armaan gadii dogoggora sirna tuqaalee qaba. Sirna tuqaalee gabatee armaan gadii keessatti kennaman keessaa filii bakka galuu qabanitti galchuun irra deebi’ii barreessi.

Tuqaalee		
Tuqaa (.)	Tuqlamee (:)	Raajeffannoo (!)
Gaaffii (?)	Waraabbi ( “ ” )	Qoodduu jabaa ( ; )

Oromoont ilmi dhalatu waa sadii ta’uu mala jedha Tokko ilma abbaa caalu Ilmi akkasii muuxannoo abbaa hawaasaafi barnootarraa argatu cimsachuun abbaasaatii olitti guddina gama sammuu hawaasummaafi hubannootiin agarsiisuuf annisaa qaba Yaseen kan gurra caalu ilmi kan abbaa caalu jedhama mitiiree Oromo biratti ilmi abbaa caalu ilma ajaa’ibaati Inni biraa ilma abbaa dhaalu Ilmi akkasii ammoo muuxannoo aadaa beekumsaafi duudhaa hawaasichaa abbaa isaarraa barachuun akkuma abbaa isaa kan jedhamuudha Haata’u malee kanuma abbaa isaa qofa waan beekuuf isuma tursuun ala dabalanni beekumsaa hinjiru Inni dhuma ilma abbaa dhaanu Ilmi akkasii ammoo safuufi aadaa abbaa isaa dagachuun dhaloota boruuf fakkeenya yaraa kan ta’uufi baraneetti kan hidhatuudha Ilma akkasii Waaqayyo isin haa baraaru Gabaabumatti Oromoont ilma muuxannoo abbaa isaa tursu kan abbaa isaafi kan biroo walitti fiduun waan fooyya’aa argamsiisufi dhaloota egeree falu jechuun madaala

## Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

**Gilgaala 9** ➤ **Jechoota roga “A” jalatti kennaman, hiikaa isaan dubbisa keessatti qaban kanneen roga “B” jalatti kennamaniin walitti firoomsi.**

**A**

1. addaan cita
2. of quachuu
3. walitti bu’iinsa
4. sore
5. eela
6. soorata
7. walitti irkatee
8. boora’uu
9. gonkuma

**B**

- A) boolla bishaanii
- B) jeeqamuu
- C) nyaata
- D) walgargaaree
- E) dhaabbata
- F) dhiisuu
- G) tasuma/abadan
- H) waldiddaa
- I) roobe

## Barannoo 6: Caasluga

### Gochima Hennaa Gara Fuulduraa

Gochima hennaa dhufuu jechuun gocha raawwatamuuf deemu kan ibsuudha. Fakkeenyaaifi ibsa armaan gaditti kennaman ilaali.

- a. Inni mana barumsaa **nideema ta’aa**.
- b. Magartuun yuunivarsiitii **seenuufi**.
- c. Gammadaan loon horsiisuu **eegaluuf deema**.

Himoonni olitti dhiyaatan sadanuu hennaa gara fuul duraa ta'u agarsiisu. Ta'us, himni 'a' himoota hafan irraa garaagarummaa qaba. Yaadni hima 'a' keessatti ibsame, gocha gara fuula duraatti raawwatamuun isaa shakkisiisaa ta'e agarsiisa. Yaadonni hima 'b' fi 'c' keessa jiran garuu gocha gara fuulduraatti raawwataman ta'ee, raawwatamuun isaanii kan hinoolle ta'uu agarsiisu.

## Gilgaala 10

**A. Himoota armaan gadii keessaa kanneen gocha gara fuulduraa raawwata-muuf deemu agarsiisan baasii barreessi.**

1. Eessumni Boontuu iftaan gara Booranaa deema.
2. Sirni Gadaa keessatti baalliin waggaa saddeet saddeetiin walharkaa fuudhama.
3. Inni galgala galgala ijoolle Isaatti sheekkoo hima.
4. Gammadaan bara dhufu kutaa sagal seenufi.
5. Yeroo ani dhufu, Duubeen deemee jira.
6. Manni barnootaa keenya barattoota qaxalee badhaasuuf deema.
7. Erga waraabessi darbee sareeen dutti.
8. Inni kophee nibita ta'a.

**B. Fakkeenya olitti kenname irratti hundaa'uudhaan gochima hennaa gara fuulduraa agarsiisan shan dhuunfaadhaan barreessii barsiisaa/tuu keef dhiyeessi.**

## Barannoo 7: Faaruu Loonii



**Gilgaala 11** ➤ **Faaruu loonii armaan gaditti dhiyaaate dubbisuudhaan gaaffilee itti aananii kennaman deebisi.**

Loon yaa loonishee

Loontu maal hintaane

Waan loonii maaltu **badaa ta'ee**

Kotteen shiinii ta'aa kan bunaan dhuganii

Gaafti fal'aana ta'aa kan marqaan nyaatanii

Gogaan itillee ta'aa **kan irra bulanii**

Foon irbaata ta'aa kan ittiin bulanii

Faltiin qoraan ta'aa kan ittiin bilcheessanii

Loon yaa loonishee

Afaaniin huuba guurii

Kotteen barakaa guurii

Loon yaa loonishee, **dibatan miidhagsoo**

Loon yaa loonishee, **dhugan qabbaneessoo**

Gurroolee kotteen xiyyoo,

Keessaayuu qotiyyoo

kottee keetiin nashii yaa loonii

Gaafa keetiin nashii yaa gurroolee

**Roorrисаа ilmaa** dhalchi yaa gurroolee

Roorroo miti makaraa

Makarri ga'uu ga'ee

Margaan si ga'uu ga'ee

Maddaan si ga'uu ga'ee.

1. “**Waan loonii maaltu badaa ta'e**,” jechuun maal jechuudha?
2. Bo'oo torbaffaa keessatti “ **kan ittiin bulan**” yoo jedhu maal jechuu isaati?
3. “**Dibatan miidhagsoo; dhugan qabbaneessoo**” yoo jedhu bu'aalee loonii keessaa kamiin agarsiisuufi?
4. “**Roorrисаа ilmaa**” gaaleen jedhu maal jechuu barbaadeeti?
5. Ergaan bo'oowwan walaloo dhumarratti argaman afranii maali?
6. Walaloo faaruu loonii kennname keessatti faayidaalee loonii meeqatu ibsame? Tarreessi.
7. Faaruu loonii naannoo keetti beektu kan biroo barreessuun dareetti dhiyeessi.

## BOQONNAA SAGAL:

## JIJJIIRAMA QILLEENSAA

### Bu'aalee Barachuu

#### Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- barruu siif dubbifamu dhaggeeffachaa jecha/gaalee hima keessaa hafe niguutta;
- barruu dhaggeeffattee ergaa isaa nihimta;
- dhimma tokkoratti nimari'atta;
- dubisa dhiyaatee keessaa yaada ijoofi callaa adda nibaafatta;
- fakkii dubbisuun ergaa isaa nibarreessita;
- hiika galumsaaf jechootaa nikennita;
- caasaa hima dachaa xaxamaa addaan nibaasta;

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

#### Guddina Dinagdeefi Jijiirama Qilleensaa



**Gilgaala 1 Dubbisa isiniif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee kanaan gadiirratti gareedhaan mariyadhaa.**

1. Fakkii armaan olii kana irraa maal hubatte?
2. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.  
a.hariiroo      b. shoora      c. giriin hawusii      d. beenyaa

**Gilgaala 2 Dubbisa dhiyaate dhaggeeffachaa bakka duwwaa kennname guuti.**

1. Guddina dinagdeefi jijiirama qilleensaa gidduu \_\_\_\_\_ cimaatu jira.
2. Bu'urri jijiirama qilleensaa guddina \_\_\_\_\_ ti.
3. Miidhaa jijiirama qilleensaaf irra caalaa saaxilamoon, biyyoota \_\_\_\_\_ jiraniidha.
4. Rooba uumamaan roobee caamuun qofa osoo hinta'in, \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ ittiin oomishuun murteessaa ta'a.

**Gilgaala 3 Dubbisa dhaggeeffatterratti hundaa'uun gaaffilee kanaan gadiitiif dhuunfaan deebii sirrii ta'e kennun hiriyaakee waliin yaada waljijiiraa.**

1. Wantoonni jijiirama qilleensaa fidan maal fa'i?
2. Qilleensi jijiiramuun dhiibbaawan akkamii qaba?
3. Guddinni teekinooloojiifi jijiiramni qilleensaa hariiroo akkamii qabu?
4. Biyyoota akka Itoophiyaa keessatti jijiiramni qilleensaa yaaddoodhaa? Maaliif?
5. Jijiirama qilleensaatiin kan irra caalaa miidhaman biyyoota guddatani moo biyyoota guddinarra jiraniidha? Maaliif?
6. Rakkoolee Jijiirama qilleensaatiin dhufan akkamiin to'achuun danda'ama?
7. Dubbisa dhaggeeffatterraa maal hubaatte?

## Barannoo 2: Dubbachuu

**Gilgaala 4** **Gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin dareef gabaasaa.**

1. Naannoo keessanitti sababoota jijiirama qilleensaa ta'uu kan danda'an maal fa'i?
2. Jijiirama qilleensaa naannoo keessanitti mul'atan akkamitti to'achuun danda'ama jettanii yaaddu?

## Barannoo 3: Dubbisuu

**Gilgaala 5** **Dubbisa armaan gadii dubbisuun dura gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.**

1. Qilleensi yoo maal ta'e jirenyaaaf mijachuu dhaba?
2. Miidhaan jijiiramni qilleensaa geessissu maal fa'i?

**Gilgaala 6** **Dubbisa dhiyaate callisaan dubbisaa gaaffilee kanaa gadii dhuunfaan deebisi.**

1. Jijiiramni qilleensaa taateewwan akkamii ofkeessatti hammata?
2. Jijiiramni qilleensaa dhala namaafi lubbu-qabeeyyii biroorratti miidhaawwan akkamii qaqqabsiisuu danda'a?
3. Jijiiramni qilleensaa madaallii uumamaa karaa kamiin jeequu danda'a?
4. Jijiirama qilleensaa ittisuuf maaltu hojjetamuu qaba?

### **Jijiirama Qilleensaa**

Jijiiramni qilleensaa taateewwaniifi bifoota adda addaatiin mul'achuun danda'a. Isaan keessaas isaan ijoon, hammi ho'a addunyaa saffisaan dabaluu, hammi roobaa garmalee xiqqaachuun **hongeefi** gogiinsi babal'achuudha. Hammi roobaa garmalee baay'achuun biyyee lolaaf saaxiluu, baqiinsi cabbii dabaluun ol ka'iinsi sarara bishaanii sirrii irra galaanaa dabaluufi kkf qaqqabiisa. Taateewwan kun-

neen yeroodhaa yerootti akka addunyaatti babal'achaa dhufuu addunyaa kanaaf **yaaddoo** guddaafi dhimma xiyyeefannoo barbaadu ta'ee argameera.

Jijiiramni qilleensaa dhala namaafi lubbu-qabeeyyi biroorratti miidhaawwan hedduu qaqqabsiisu danda'a. Jijiiramni qilleensaa **mudatu** jirenyaaifi fayyaa namaa irratti kallattiidhaan miidhaa nigeessisa. Beelliifi dheebuunis yeroo muraasa keessatti lubbuu baay'ee **galaafata**. Akkasumas, cabbiin galaana keessaafi fixeewwan heemisferii irra jiran ho'aan baqanii hangi qaama bishaanii **garamalee** dabaluu danda'a. Qaanii bishaanii sababa kanaan guutes, gara lafaatti **danbali'**ee qabeenyaafi lubbu-qabeeyyi hedduu **barbadeessa**. Sababa kanaan, namoonni, bineeltonniifi biqiltoonni wantoota jirenyaaaf barbaachisan dhabanii **hubamu**.

Ittisa jijiirama qilleensaaf waan hedduu hojjechuun nidanda'ama. Inni jalqabaa, namni dhuunfaa irraa eegalee hawaasni marti kunuunsa bosonaa, biyyeefi bishaanii irratti hojjechuudha. Inni lammaffaan, warshaaleefi industiriin anniisaa haareffamaatti akka fayyadamanifi teknoolojiwwan gaasotaafi balfa naannoo faalan hir'isanitti akka fayyadaman jajjabeessuudha.

Walumaagalatti, jijiiramni qilleensaa irra caalaa gochawan namootaatiin waan raawwatamuuf, ittisa isaatiif falli kaa'amuu qaba. Nama dhuunfaa irraa kaasee hanga biyyaafi addunyaatti wantoonni hojjetaman jijiirama qilleensaa ittisu keessatti murteessoodha. Kanaafuu, jijiirama qilleensaa ittisuuf seeronni kunuunsa naannoo irratti sadarkaa biyyaatti **ragga'an** sirriitti hojiirra ooluu qabu.

## Gilgaala 7

### A. Dubbisa armaan oliirratti hundaa'uun kan sirrii ta'e **Dhugaa** kan sirrii hintaane immoo **Soba** jechuun deebisi.

1. Jijiirama qilleensaatiif sababni dhala namaa qofaadha.
2. Rakkoon jijiirama qilleensaa dhimma biyyoota hundumaati.
3. Jijiiramni qilleensaa roobni garmalee akka roobu gochuudhaan oomshtummaan akka dabaluu taasisa.
4. Jijiirama qilleensaa to'achuuf warshaaleefi industirii dhabamsiisuun murteessaadha.

5. Jijjiiramni qilleensaa dhala namaa qofa miidha.

### **B. Gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin dareef ibsaa.**

1. Gochaawan namootaa jijjiirama qilleensaatiif akkamitti sababa ta'uu danda'u?
2. Jijjiiramni qilleensaa sababa uumamaatiin akkamitti mul'achuu danda'a?
3. Jijjiirama qilleensaa ittisuuf akka nama dhuunfaatti maal gochuutu barbaachisa?

### **Barannoo 4: Barreessuu**

**Gilgaala 8** Fakkii gaditti dhiyaate ilaaluun waan hubatte keeyyata tokkkoon barreessi. Keeyyanni ati barreessitus caasaalee keeyyataa (hima ijoo, himoota callaafi himaa gudunfaa) qabaachuu qaba.



### **Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa**

**Gilgaala 9** Hiika jechoonni armaan gadii dubbisa olii keessatti qaban barreessi.

1. hongee
2. yaaddoo
3. galaafata

4. danbali'ee
5. hubaatii
6. mancaasu
7. jabeessuu/raggaasisuu

## Barannoo 6: Caasluga

### Hima Dachaa Xaxamaa

Himni dachaa xaxamaan ciroo of danda'aa lamaafi isaa oliifi ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol irraa kan ijaaramuudha.

Fakkeenyaaaf,

- a. Mana barnootaa yeroo deemtu, uffata seeraa kee uffadhu; meeshaalee barnootaa kees qabadhu.
- b. Yoo siif mijachu baate, anuu nan dhufa; abbaltichas walumaan hojjanna.
- c. Guutaan barnootaan cimaa ta'ullee naamusa hinqabu; barnootas sirriitti hinhorhofu.

### Gilgaala 10

#### A. **Himoota armaan gadii keessaa kanneen hima dacha xaxamaa ta'an adda baasii barreessi.**

1. Bokkaan yeroon waan roobef, midhaan tole; qotee bulaanis nigammade.
2. Riqichi jiguurraan kan ka'e, lagni nama nyaate; lubbuu hedduus galaafate.
3. Tolaan waan hinqo'anneef, qabxiin jalaa xiqlaatee, badhaasa dhabe.
4. Hiyyummaa balleessuuf, lammiileen marti hojii hojjechuu qabu.
5. Ossoo bosona ciruun hafee, haalli qilleensaa hinjeeqamu; beellis hinjiraatu.

6. Dachaasaan waan dhukkubsateef, hirriba malee bule .
  7. Tolaan ganamaan ka'ee, sangoota dheechisee, yeroon camade.
  8. Qonnaan bultoonni keenyaa hubannoo qonnaa erga argatanii jijiirama fidaniiru.
  9. Obboo Caalaan waan baay'ee aaraniif, nyaata didani agabuu bulan.
  10. Ganamaan manaa baanus, yeroodhaan gahuu hindandeenye.
- B. Fakkeenya armaan oliirratti hundaa'uun himoota dachaa xaxamaa ta'an shan barreessuun dareef dhiyeessi.**

## Yaadannoo

Hima dacha xaxamaa kan jedhamu hima ciroo of danda'oo lamaafi lamaa oliifi ciroo hirkataa tokkoofi tokkoo ol of keessaa qabudha.

Fkn.

*Mana barnootaa yeroo deemtu, uffata seeraa uffadhu; kitaaba kees qabachuu hindagatiin.*

Hima olii kana keessa ciroowwan of danda'oo lamaafi ciroo hirkataa tokkotu jira. Isaanis,

Ciroo of danda'oo = uffata seeraa uffadhu..

kitaaba kees qabachuu hindagatiin.

Ciroo hirkataa = Mana barnootaa yeroo deemtu

## BOQONNAA KUDHAN:

## DIRAAMAA

### Bu'aalee Barachuu

#### Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- yaada callaafi dimshaashaa barruu dhaggeeffatte nihimta;
- bartaphee dubbisuun ga'ee nitaphatta;
- barruu dhiyaate dubbisuun ergaa isaa nihimta.
- bartaphee nibarreessita;
- malleen dubbii haala adda addaa keessatti nifayyadamta;
- barruu keessatti walqabsiiftota nifayyadamta.

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu Odaa Bultum

#### Gilgaala 1

Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuuun dura gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyadhaa.

1. Ummata Oromoo biratti Odaan akkamitti ilaalam?
2. Waa'ee Odaa Bultum maal beeaktu?
3. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.
  - a) imaluu
  - b) qubachuu
  - c) moggaasuu
  - d) tumuu

#### Gilgaala 2 Dubbisa mata-duree “Odaa Bultum” jedhu dhaggeeffachaa gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Namoota waliin imalaat turan keessaa guyyaa jalqabaa namoota meeqatu lubbuun darbe?
2. Gosti mukaa guyyaa sadaffaa jala bulan maal jedhama?

3. Odaan Bultum godinaafi aanaa kam keessatti argama?
4. Namoota waliin imalaa turan keessaa akka waliigalaatti, namoota meeqatu lubbuun darbe?
5. Yaada ijoo barruu dhaggeeffattee gabaabsii ibsi.

## Barannoo 2: Dubbachuu

### Gilgaala 3 ➤ Bartaphee armaan gadii erga dubbistanii booda gareen ga'ee qooddachuun bifaa diraamaatiin daree keessatti taphadhaa.

Diraamaa kana keessatti miseensii maatii tokko keessa jiraataniifi ilma mootii kan ta'e namoonni afur ta'anii yeroo waliin dubbatan mul'ata. Isaanis,



- i. Obsee: Intala umrii 17 adaadaa ishee biratti guddatte.
- ii. Adaadaa Obsee: ga'eettii wagga 45 kan Obseen biratti guddatte.
- iii. Kumee (Mucayyoo Adaadaa Obsee): kan umriin ishee ganna 17fi
- iv. Ilma Mootichaa: dargaggeessa Umurii 28.

## Bartaphee Diraamaa

**Adaadaa Obsee:** Kumee, Obsee, kottaa mee! Ilmi mootichaa guyyaa boriitti affeerraa laaqanaa nuuf godheeraa; uffata keessan qopheeffdhaa. Ati immoo, Kume kottu ilaa uffata haaraa kana siif biteeraa uffadhuu ilaalimee

**Obsee:** Adaadeeko, Ani uffata haaraa hinqabuum....; Uffatnikoo ana irratti moofa'eeraam; akkam godheen isina faana dhaqaa? *Sagalee sodaatiin dubbatti ...*

**Kumee:** Obseekoo dhiisi maaloo! uffatni kee si irratti moofa'eeraa; garuu, kan koo uffattee dhaqxa hindhiphatin....*sagalee mararteetiin.*

**Obsee:** Tole; galatoomi Kumeekoo! *kokkolfaa, quqummaadaa gara golaatti darbite.*

**Adaadaa Obsee:** si intalaal! ati akkam akkam of mi'eessuu barbaaddaa? Amma egaa anaan hamtuu gochuu keetii? of tuultuu nan, icci...*Kumee ifatti*

**Kumee:** Maaloo harmee, nu malee nama kan biraan maal qabdii? Maaf akkas jettaa? Kan koo haa uffattuu; anoo dhqauu nan dhiisaa jette.

**Obsee:** Kumeekoo, Uffatni ati filtee naaf keennite naaf ta'eem! Galatoomi!

**Adaadaa Obsee:** Kottaa nideemnaa mee! Maal of babbareechuu baay'istuu mitii? jettee manaa waliin bahanii mana affeerraa gahani.

**Obsee:** Kume, Kume, Adaadeen hoo? nu gattee deemteem? maaloo maaloo... *Nyaatanii dhuganii taphachaa osoo jiranii aduun itti dhiite. Adaadaan ishee otuu isaan hinargin achitti isaan dhiistee deemuu hubattee. Of biraan dhabnaan galma afeerraa keessaa bahanii fiiganii sokkani.*

**Kumee:** Obseeko, suuta fiigi maaloo nikuftaa....*sagalee naasuufi sodaa qabuun.*

**Obsee:** Kumee, Kumee, Kumeekoo maaloo kopheenkoo anattii bu'eeraam. jette erga takka figanii booddee.

**Kumee:** Obseekoo, eessatti gattee maaloo? Beenu egaa amma bor deebinee barbaanna malee halkan kanaan eessati arginaree?

**Obsee:** Lafti bari'eeraa, Kume kottuu na geessi maaloo! Ganama kanaan dhaqnee kopheekoo kaleesssa barbaannaa jette.

**Kumee:** Tole; bakkuma kaleessa teenye sana dhaqnee ilaalla; tarii nuuf kaa'u yoo argan. Wal fudhatanii mana ilma mootichaa gahan.

**Obsee:** Kophee tokko asitti kaleessa nu jalaa bade namni arge jiraa maaloo? *sagalee sodaatiin warra mana ilma mootii keessaa ergaman gaafatte.*

**Kumee:** Eeyyee, kaleessa asumatti jalaa badeem...*maaloo yoo argitan...sagalee kadhaa qabuun.*

**Ilma Mootichaa:** Dhaqanii itti himnaan, mana keessaa gadi bahee, “Kopheen tokko argamee ana bira ni jira, garuu ani hanga ammaa waanan hinfunneef, isin keessaa nama kopheen kun itti ta'u nan fuudha,” jedheen.

Isaais, ija keessa wal ilaalanii fajajan.

**Obsee:** Kume keewwadhuu ilaalimee. *himm..hiimmm..*

**Kumee:** Tole jettee ariifattee keewwachuu yaalte. Miilla isheetti harkifte; si'a meeqa yaallaan itti ta'uu dide. Itti dhiiiftee lafa buuste. Obse mee ilaali ati immoo. *Akka nyaara guuruu taatee*

**Obsee:** Anis nan yaala, garuu kophee kootiim. *Takkumaan miilla isheetti ta'e.*

**Ilma Mootichaa:** Kottu Obsee; Ati ammaan booda haadha manaa kooti” ittiin jedhe. Achumaan wal fiudhanii Obseen jirenyaa qananiif gammachuu qabu jiraachuu itti fufste.



### Barannoo 3: Dubbisuu



**Gilgaala 5 Dubbisa gaditti dhiyaate osoo hindubbisiin dura gaaffilee  
dhiyaatan irratti mari'adhaa.**

1. Fakkii olitti jiru irraa maal hubatte?
2. Diraamaa ilaaltee beektaa?
3. Diraamaa ilaaltee turte keessaa tokko yaadachuun waa'ee maalii akka ta'e hiriya keetti himi.
4. Diraamaan eessatti dhiyaata?

**Gilgaala 6 Dubbisa asii gaditti dhiyaate dubbisaa gaaffilee dhiyaatan  
akkaataa gaafatamteen deebisi.**

1. Jechi diraamaa jedhu afaan kam irraa dhufe?
2. Caaccuulee diraamaa kanneen jedhaman maal fa'i?
3. Jaargochi cancala gochootaa jalqabaa kaasee hanga xumuraatti jiru agarsiisa. (Dhugaa/ Soba).
4. Diraamaa hedduun walitti bu'iinsa hinqabani. (Dhugaa/ Soba)
5. Diraamaa keessatti yeroofi bakka seenaan waltajjiirratti dhiyaatu itti raawwatame kan agarsiisu \_\_\_\_\_ jedhama.

### **Maalummaa Diraamaa**

Jechi diraamaa jedhu jecha Afaan Giriikii 'dran' jedhurraa kan dhufe yoo ta'u, hiikni isaas dalaguu yookiin hurruubuu jechuudha. Diraamaan calaqqee jiruufi jirenya dhala namaati. Gaddaafi gammachuu, bu'aa ba'ii jiruufi jirenya namootaa bifa miidhagina qabuun qindaa'ee kallattiin waltajjii irratti jamaaf kan agarsiifamuudha. Diraamaan dura barreeffamaan kan qophaa'u yoo ta'u, barreeffama kanatu waltajjii irratti taatotaan dubbiifi gochaan dhiyaata. Bu'uuruma kanaan, diraamaan caaccuulee ittiin lubbuu horatu qaba. Isaanis, jaargocha, taatota,

walitti bu'iinsa, yoomessaafi waliin dubbiifaadha.

Jaargochi waliin dubbiifi gochaawwan taatotaan raawwataman kan jalqabaa kaasee hanga xumuraatti deemuudha. Caacculee diraamaa keessaa jaargochi akka lafee dugdaatti ilaalamu. Diraamaan tokko hunda dura seenaa nutti hima; kanaaf, yeroo hedduu namoonni erga diraamaa ilaalanii booda, seenaa gaddisiisaa yookiin gammachiisaadha kan jedhan. Kanarraa kan ka'e, jaargochi seenaa diraamaa tokko keessa jiru ta'ee, cancala gochootaa jalqabaa kaasee hanga xumuraatti jiruudha.

Taatonni immoo, barreessaa diraamaatiin kan kalaqamaniifi diraamichi lubbuu horatee akka waltajjiirratti mul'atu kanneen taasisanidha. Karaa biraatiin, namoota addunyaa dhugaa kanarra jiran bakka bu'anii, seenaa ta'e tokko jechaafi gochaan kanneen agarsiisanidha. Taatonni diraamaa keessatti amala ta'e gonfatani, maqaan kennameefii, bakki jirenyaa tolfameefii kan socho'an; kan afuura baafatan, kan dubbatan, kan nyaataniifi dhuganiidha. Kana malees, akkuma nama kamiiyuu, kan jiraataniifi kan du'an, kan jaallataniifi kan jibban, kan gaddaniifi kan gammadaniidha.

Walitti bu'insi (waldiddaan), caacculee diraamaa keessaa isa biroodha. Diraamaa keessatti walitti dhufeenya waliin dubbiitiin yookiin gochaan taatota gidduutti raawwatamu keessatti jechaan yookiin gochaan walitti bu'insi ni'uumama. Diraamaan walitti bu'iinsa hinqabnes hinjiru. Walitti bu'insi uumamuudhaaf immoo sababni ga'aafi amansiisaan taatota walitti buusuu danda'u jiraachuu qaba. Sababni walitti bu'insaa kun kan jirenyaa dhugaa keessatti nama waldhabsiisuu danda'u ta'uu qaba jechuudha. Maalummaafi ejennoo taatonniifi seenaan jiru kan hubatamus kana irratti hundaa'eeti.

Caacculee diraamaa keessaa inni biroon yoomessa. Yoomessi yeroofi bakka itti seenaan waltajjiirratti dhiyaatu sun raawwatame agarsiisa. Haalli waltajjii, waan taatonni dubbatanii, uffataniifi, hojjetan hunduu yoomessa diraamichaa sirriitti calaqqisiisuu qabu. Fakkeenyaaaf; haalli teessuma lafichaa, qilleensi isaa, daandii, manniifi meeshaan isaafi kkf hundi maal akka fakkaatu kan agarsiisuudha.

Walumaagalatti, caaccuuleen diraamaa jaargocha, taatota, walitti bu'iinsa, yoomessaafi waliin dubpii jedhamu. Qindoomina caaccuulee diraamaa kanneeniitu akka diraamaan waltajjii irratti dhiyaatee mul'atu taasisa.

**Gilgaala 7** **Barruu dubbistan irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii gareen irratti mariyachuun deebisaa.**

1. Taatonni maali? Gaheen isaanii hoo?
2. Jaargochi diraamaa keessatti maaliif akka lafee dugdaatti ilaalam?
3. Diraamaan calaqqee jiruufi jirenya dhala namaati yoo jedhu maal jechuudha?
4. Adeemsa diraamaan ittiin qophaa'ee dhiyaatu barreessi.
5. Taatota diraamaafi namoota addunyaa dhugaa irra jiraatan gidduu garaagarummaan jiru maali?
6. Garaagummaan asoosamaafi diraamaa gidduu jiru maal sitti fakkaata?

**Barannoo 4: Barreessuu**

**Gilgaala 8** **Yaada armaan gadii ka'umsa godhachuuun bar-taphee jalqabame barreesuun xumuri. Itti aansuun, daree kessatti gahee taphachuun agarsiisaa.**

Obbo Caalaafi Aadde Kumeen intalli isaanii Baaccuun yuunivarsitii seentee akka barattu hinbarbaadani. “Dubartiin barattee eessa geessi?” ilaalcha jedhu qabu. Kanaaf, akka isheen heerumtu barbaadu. Haatiifi abbaan gama tokko, obboleessi Baaccuu bu'aa barnootaafi walqixxummaa korniyaa haalaan beeku gama tokko ta'anii walfalmu.

Obbo Caalaa: \_\_\_\_\_

Aadde Kumee: \_\_\_\_\_

Baaccuu: \_\_\_\_\_

Obboleessa Baaccuu: \_\_\_\_\_

## Yaadannoo

### Caacculee Seenessa Gabaaboo

Caacculeen seenassa gabaabao kaneen jedhaman, seenaa, jaargocha, namfakkii, waldiddaa, yoomessafi kkf..

### Jaargocha

Jaargochi gochaalee walduraa duuba seenaa kan himudha. Kana jechuun jaargochi ijaarsa gochaalee kan sababaafi bu'aa qabate deemuudha.

### Namfakkii

Namfakkiin namoota yookaan wantoota seeneffama tokko keessatti qooda fudhatanidha. Namfakkiin amala namootaafi gocha wantoota addunyaa dhugaa keessa jiranii bakka bu'udha.

### Yoomessa

Yoomessi jechoota "yoom"fi"eessa" jedhaman irraa kan uumame yoo ta'u bakkaafi yeroo seenaan itti raawwatame kan agarsiisudha.

### Waldiddaa

Waldiddaan walitti bu'iinsa namfakkilee gidduutti uumamudha. Akkasumas, waldiddaan namfakkiifi namfakkii, namfakkiifi sammuu isaa waliin, namfakkiifi uumama, akkasumas namfakkiifi hawaasa gidduutti uumamuu dand'a.

### Dhaamsa

Dhaamsi ergaa seenaa tokkoon darbu kan agarsiisudha.

## Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

### Gilgaala 9

**A. Hiika jechoonni armaan gadii dubbisa olii keessatti qaban barreessi.**

1. Hurruubuu
2. Jamaa
3. Calaqqee
4. Yoomessa
5. Waltajjii
6. Taatota

**B. Hiikaafi akaakuu dubbii qolaa geerarsa armaan gadii keessatti gurraacheffamanii barreessi.**

Abbabbaa koo mootii koo

**Yaa dheeraa akka birbirsa**

**Yaa arjaa akka gingilchaa**

Jaarsa gabateen baaduu

Isa camadee laatu.

Yaa dutaa laga gamaa

**Yaa butaa akka arangamaa**

Harmee koo yaa giiftii koo

Deessuu durba gorommii

Ishee ijoolleen korommii

Natti urgaa'e maqan kee

**Akka cooma waadanii**

**Akka booka dhaabanii**

**C. Himoota armaan gadii keessaa akaakuu dubbii qolaa jiran baasii bareessi.**

1. Caalaan akka fardaa kaata.
2. Namoonni tokko tokko “Koronaan hamma beelaa nu hinmiidhu” jedhu. Haata'u malee, dhibichi hedduu akka baalaa harcaase.
3. Dubartiin utubaa manaati.
4. “Fuula namaa duratti malee fincaan na hin bu'u,” jette jabanaan.
5. Bal'inni mana isaa farda gulufsiisa.

## Yaadanoo

### Dubbii Qolaa

Dubbii qolaa jechuun, waa'ee wanta ibsamuu tokkoo haala salphaafi ifa ta'een dabarsuuf kan gargaaruudha. Malli kun miira dubbistootaa ykn dhaggeeffattootaa hawwachuun yookiin qirqirsuun ergaa dabarsa. Dubbiin qolaa akaakuu adda adda qaba. Isaanis, akkasaa, iddeesa, nameessa, harbeessaafi kkf.

#### 1. Akkasaa

Jecha *akka, hamma, fakkaata* jedhan fayyadamuun wantoota uumamaanis ta'ee amalaan walitti dhufeenya qaban lama walbira qabuun ibsuudha.

Fkn.

- Caaltuun akka obboleessa ishee cimtuudha.
- Ilkaan ishee aannan fakaata.

## **2. Iddeessaa/ Bakka Buusaa**

Iddeessaan amala, gocha, bifà, hanga, haalaafi kkfisa tokkoo kan birootiin bakka buusuun yaada tokko ibsuuf gargaara. Yemmuu kana, yaadni tokko kan birootiin guutumaan guutuutti bakka buufama.

- Haati ofi gaaddisa.
- Ilkaan ishee aannani.
- Afaan isaa damma.

## **3. Nameessuu/Personification**

Nameessuu keessatti lubbu qabeeyyiifi lubbu dhabeeyyitu amala dhala namaa goonfachuun akka namaatti dubbatu ykn ta'iinsa raawwatu. Amala dhalli namaa qofti qabu uumama biroo gonfachiisuun ibsuudha.

### **Fkn.**

- “Kan garaa malee kan maqaa yoom na dhibe,” jedhe waraabessi.
- “Kunuu warri rafnaani,” jette sareen.

## **4. Arbeessuu/Gurra Guddisuu/ Ukukkubee**

Arbeessuun yaada tokko garmalee guddisnee, jajnee ykn xoxessinee ibsuudha.

### **Fkn.**

- Rifeensi mataa ishee farda sakaala.
- Bal'inni mana isaa farda gulufsiisa.

## Baranoo 6: Caasluga

### Walqabsiisota

**Gilgaala 10** Walqabsiisota gabatee armaan gadii keessatti kennaman  
keessaa kanneen sirriidha jettu filii bakka duwwaa  
himoota itti aananii kennamanii guuti.

Kanaafuu	moo	waan
Akkasumas	Yoo	fi

1. Tolasaan Finfinnee-----Adaamaa deeme?
2. Guutaan barataa cimaadha. -----, qorumsa iratti qabxii gaarii argate.
3. Taliileen-----dhukkubsatteef mana yaalaa deemte.
4. Gaaddiseen amala gaarii qabdi. -----, barumsatti cimtuudha.
5. \_\_\_\_\_ beelofte, deemii laaqana nyaadhu.
6. Barreessuu-----dubbisuun nama barate qofatu danda'a.

## JECHIBSOO

**Antima:** Hima Afaan Oromoo keessatti kan gochi tokko irratti raawwatame yookiin raawwatameef agarsiisa. Antimni yeroo baay'ee gidguu himaarratti argama.

**Antima alkallattii:** Hima Afaan Oromoo keessatti kan gochi tokko raawwatameef.

**Antima kallattii:** Hima Afaan Oromoo keessatti kan gochi tokko kallattiin irratti raawwatame

**Bamqaalee akektuu:** Akaakuu bamaqaa ta'ee kallattii wanti tokko itti argamu agarsiisuuf tajaajila.

**Bamqaalee iyyaafannoo:** Akaakuu bamaqaa ta'ee waa'ee waan hinbeekne tokkoo odeeffannoo argachuuf kan tajaajiludha.

**Bar-taphee:** Barreffama diraamaa agarsiisuuf qophaa'uudha.

**Ciigoo:** Yeroo tokkoon dhaamsa ykn ergaa lama kan dabarsuudha.

**Dubbii dacha:** Jecha ykn gaalee hiika lama qabuu jechuudha.

**Gochima darboo:** Gochima raawwiin tokko waan biraa irratti raawwatamuu isaa agarsiisuudha.

**Gochima hafoo:** Gochima raawwiin tokko waan biraa irratti ce'ee kan hinraawwatamne kan agarsiisuudha.

**Gochima:** Jecha raawwii gocha tokkoo agarsiisu/himuudha.

**Gumee:** Barreffama tokko barreessun dura, yaada ijoo barreefa chaa bifa galee ykn himaatiin duraa duubaan gabaabsanii tarreessuu ykn kaa'uudha.

**Hurruubuu:** Sochii qaamaan agarsiisuu jechuudha.

**Idil-addunya:** Sadarkaa addunyaatti jechuudha

**Koovid-19:** Maqaa weerara vaayirasii koronaatiif kennamedha.

**Matima:** Hima Afaan Oromoo keessatti kan gocha raawwate yookiin kan waa'een isaa dubbatamu. Matimni yeroo baay'ee jalqaba himaarratti argama.

**Saaphaneessuun:** Wantoota akkaataa walitti dhufeenya yookiin hariiroo isaaniitiin walitti fiduu jechuudha.

**Sookoo:** Ciigoo keessatti dhaamsa ykn ergaa dhokataa kan dabarsuudha.

**Soorgoo:** Ciigoo keessatti dhaamsa ifaa ta'e yookiin ergaa irraa keesaa kan qabuudha. .

**Woyyooma:** Kabajaa dhala namaa.

# AFAAN OROMOO

KITAABA BARATTOOTAA



**Biirroo Barnootaa Oromiyaa 2014/2022**

**KUTAA 8**

Gatii \_\_\_\_\_